# XIINXALA QABIYYEE KAKUU SIRNA GADAA OROMOO: AANAA KIIRAMUU, FOOQAA DARRABBAA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**QORATAAN: FIRAA’OL TAAKKALAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII OGBARRUU FI BACHILERII AARTII AFAAN OROMOO OGBARRUUFI QUNNAMTII GAMIISAN GUTACHUUF DHIYAATE**

**YUUNIVERSITII FINFINNEE**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI,**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILOORII**

**FULBANAA, 2021**

**FINFINNEE**

# XIINXALA QABIYYEE KAKUU SIRNA GADAA OROMOO: AANAA KIIRAMUU, FOOQAA DARRABBAA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**QORATAAN: FIRAA'OL TAAKKALAA**

**GORSAAN: TAADDASEE JAALLATAA (PHD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII OGBARRUU FI BACHILERII AARTII**
**AFAAN OROMOO OGBARRUUFI QUNNAMTII GAMIISAN GUTACHUUF DHIYAATE**

**YUUNIVERSITII FINFINNEE**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI,**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILOORII**

**FULBAANAA, 2021**

**FINFINNEE**

## Galata

Duraan dursee gorsaakoo Taaddasee (PhD) nuffii tokko malee na gorsaafi na sirreessaa waan turaniif baayyeen isaan galateeffadha. Akkasumas, Maanguddoota, namoota odeeffannoo barbaachisaa ta’e naaf kennanniifi gama ogummaa barreessuutiin kan na tajaajile barataa Lalisaa Tolaa guddaan galateeffadha. Dabalataanis, qabeenyaafi jajjabina naaf kennuudhaan cina koo dhaabatanii kan na gargaaran maatii koo baayyeen galateeffadha.

# *Axareeraa*

*Qorannoon kun geggeeffame mata-duree Xiinxala Qabiyyee Kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa kan jedhu irrattidha. Qorannichi Godina wallagga bahaa Aanaa kiiramuu Ganda Darrabbaa keessatti raawwatame. Kaayyoon qorannoo kanaa qabiyyee kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa xiinxaluudha. Gaaffileen bu'uuraa qorannichaa gahee afoolli raawwii kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa keessatti adda baasuu, Faayidaa kakuun sirna Gadaa jiruuf jireenya hawaasa sana keessatti qabu ibsuu, meeshaalee aadaa kakuu sirna Gadaa keessatti fayyadan ifa gochuufi qabiyyeewwan kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa maal akka ta'e ibsa. Mala qorannoo kana keessatti iddattoo gaaffilee bu'uuraa deebisan ittiin filame mala iddateessuu mit-carraa keessaa mala akkayyoo (purposive sampling) fi mala darbaa dabarsaa (snow ball sampling) fayyadamuunidha. Meeshaaleen qorannoo kana keessatti gargaaramees odeeffannoo iddattoorraa funaanamee daawwannaa, af-gaaffiifi marii gareen yoo ta'u, kitaabilee sakatt'aman raawwii kana deeggaran dhihaatanii jiru. Odeeffannoon iddattoo qorannoo kanarraa argame haala gaafilee bu'uuraa deebisaniin erga qoodamee booda jechaan ibsamuun kan hiikanitti kennameera. Haaluma kanaan, argganoon qorannichaa haala gaaffilee bu'uuraan dhihaateera. Afoola Oromoo keessa mammaaksi kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa keessatti namoota namoota wal shakkanii jaarsoliitti dhihaataniif kan ittiin amansiisaniifi isa dide immoo kan ittiin kaksiisanidha. Kunis dhugaa hawaasicha keessa jiru kan muli'ise ta'uu isaa hubadheen jira.*

*Walumaagalatti, qorannoo kanaan adda bahee akka yaada furmaataatti kan ibsamu adeemsa raawwii kakuu Sirna Gadaan sun kan hin barreeffamneefi sammuu maanguddootaan daddarbaa waan as ga'eef waaajjirri aadaa fi Turizimii gama dhimmi isaa ilaalu waliin ta'uudhaan barreessanii kaa'uun dhaloota dhufuuf dabarsuu, heeraafi seera ammayyaa kan mootummaa fi geggeessitoota sirna Gadaa wajjin walitti dhufanii hojjechuun akka irraa eegamuufi tajaajila saffisaafi kan komii hin qabne hawaasichaaf kennaa waan jiruuf kun beekamee kunuunsi addaa addaa utuu kennameefi gaarii ta'a.*

**Jibsoo**

| | | |
|---|---|---|
| Arfii | - | Qara Eeboo |
| Fojee | - | Kan waan tokko hin beekne |
| Haafas Baalas | - | Dubbii ijoo hin qabne |
| Shakkoo | - | Naamusa qorannoo |

## BAAFATAA

**Qabiyyee** **Fuula**

Galata ........................................................................................................................ i
Axareeraa ....................................................................................................................ii
Jibsoo .........................................................................................................................iii
BAAFATAA.................................................................................................................iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ................................................................................... 1
1. Seenduubee ............................................................................................................. 1
1.1 Seen-duubee Hawaasichaa ..................................................................................... 1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa ............................................................................................ 4
1.3. Gaaffilee Bu’uuraa Qorannichaa............................................................................ 5
1.4. Kaayyoo Qorannichaa ........................................................................................... 5
1.4.1. Kaayyoo Gooroo................................................................................................ 5
1.4.2 Kaayyoo Gooree ................................................................................................. 5
1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa.............................................................................. 5
1.6 Daangaa Qorannichaa ............................................................................................ 6
1.7 Hanqina Qorannochaa ............................................................................................ 6
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ................................................................ 7
2.1 Aadaa Oromoo ...................................................................................................... 7
2.2 Gahee Fookilooriin Rakkoo Hiikuuf Qabu. ............................................................. 7
2.3 Yaadrimee Sirna Gadaa Oromoo ............................................................................ 8
2.3.1 Afoola Hawaasa Oromoo ................................................................................... 10
2.3 Meeshaalee Aadaa Kakuu Sirna Gadaa irratti Hojii Irra Oolan.................................. 11
2.5 Yaadiddama Qorannichi Hordofu ........................................................................... 11
BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO .................................................................... 13
3.1 Saxaxa Qorannichaa.............................................................................................. 13
3.1.1 Gosa Qorannichaa............................................................................................... 14
3.1.2 Mala Qorannichaa............................................................................................... 14
3.1.3 Madda Odeeffannoo ........................................................................................... 15

3.1.4 Mala Iddatteessuu ... 15
3.2 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu ... 16
3.2.1 Daawwannaa ... 16
3.2.2 Af-gaaffii ... 17
3.2.3 Marii Garee Xiyyeeffannoo ... 17
3.3 Mala Qaacessa Ragaalee ... 18
3.4 Sakkoo Qoranichaa ... 18
BOQONNAA AFUR: XINXALA RAGAALEE ... 20
4.1.1 Ajjeechaa ... 20
4.1.2 Hatuu ... 21
4.1.3 Sobuu ... 21
4.2 Faayidaa Kakuu soirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa ... 22
4.3 Gahee Afoolli Raawwii Kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa Keessatti Qabu ... 24
4.4 Meeshaalee Aadaa Kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaarratti Hojiirra Oolan ... 27
4.4.1 Meeshaalee Aadaa Kakuu Kan Uumamaa ... 27
4.4.1.1 Lafee ... 27
4.4.1.2 Dhagaa ... 28
4.4.1.3 Qoraatti ... 28
4.4.1.4 Muka Boqqolloo ... 29
4.4.1.5 Daaraa ... 29
4.4.1.6 Dikee Loonii ... 30
4.4.2 Meeshaalee Aadaa Kakuu Nam-Tolchee ... 30
4.4.2.1 Barcuma Dambiifi Arbuu ... 30
4.4.2.2 Barcuma Eebichaa ... 31
4.4.2.3 Eeboo ... 31
4.4.2.4 Hankaaksee ... 32
4.4.2.6 Rasaasa ... 33
4.4.2.7 Luugama ... 33
4.4.2.8 Sibbattii ... 34

4.4.2.9 Qabduu Sibiilaa.......... 34
4.4.2.10 Lilmoofi Alangaa Citaa.......... 35
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGGANNOOFI YABOO.......... 36
5.1 Cuunfaa.......... 36
5.2 Argganno.......... 37
5.3 Yaboo.......... 38
Wabiilee.......... 39
Dabalee A:Abbootii ragaa nuuf kennan.......... 41
Dabalee B: Daawwannaa.......... 42
Dabalee C: Af-gaaffii.......... 43
Dabalee D: Marii Garee.......... 44

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1. Seenduubee

Boqonnaa kana jalatti kan hammataman, seen duubee duubee Hawaasichaa, seen duubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, gaaffilee bu'uuraa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa ibsanii jiru.

### 1.1 Seen-duubee Hawaasichaa

Oromoon hawaasa afaan kuush dubbatuufi maddi isaas Afriikaa keessa ta'uu hayyoonni adda addaa ibsaniiru. Gammachuu Waldee Yohannis (1986:350) maddaafi afaan uummata oromoo yommuu ibsan , ''uummanni Oromoo uummata afaan kuush dubbatu qofaa osoo hintaane, uumattoota Ariikaa keessaa jiraataa jiran keessaa uummata duraati" jechuun ibsanii jiru.

Maddi uummata Oromoo tokko ta'uu isaa Isheetuun (2001:45) yommuu ibsuu , "Oromoo kan jedhamu maatii tokko irraa dhalachuun akkuma ormaa wal irraa faffagaatanii qubachuun akka jiraataa jiraniifi maddi isaanii tokko" akka ta'edha. Kanarraa hubachuun kan danda'amuu uummanni Oromoo duraan bakka tokko jiraachaa kan turaniifi booda wal irraa faffaagaate.

Suuta , suuta keessa Oromoonni Maccaafi Tuulamaa duraan bakka tokko jiraachaa turan garagar bahuun kallattii jireenya isaaniif mijataa ta'e qabachuu isaanii Warqinaanaan (2008:100) yoo ibsu , "Maccaafi Tuulamni duraan Gadaa isaanii Odaa Nabeetti kabaju turan, yeroo booda garuu uummanni Maccaa bay'ina uummtaafi qabeenyaa irraa kan ka'e naannoo dhiha Itoophiyaa bal'inaan to'achuu danda'aniiru. Haaluma kanaan, teessoo isaanii Odaa Nabee ture dhiisanii naannoo Amboo gadi dirree Gibee Hora Bisil jedhamutti Odaa Bisil hundeessan" jechuun ibsee jira. Kanarraa akka hubatamuttin Oromoonni Maccaafi Tuulamaa seera Gadaa isaanii Odaa Nabeetti tumatanii ittiin wal gegeess aa turan. Sababa bay'achuuu isaanii irraa kan ka'e walirraa adda bahuun babal'atanii jiraachaa akka turan ibse.

Waa'ee bulchiinsa Oromoo muka guddaan wal bira qabuun Ayalew (2005:212) yoo ibsu, "The Oromo Government is held in permanence near large highly respected tree on the adge of praire grass cause created by tradition and where numerious herds brought intribute enjoy theselves with an abundant" jechuun ibsee jira.

Karaa biraa waa'ee qubachuu Oromoo Maccaa Giday (200:67) yommuu ibsu, "The Mecha one of the severely fragmented Oromo groups in Ehiopia" jedhee jira. Kana irraa hubachuun kan danda'amu Oromoon Maccaa bay'ina isaanii irraa kan ka'e wal irraa faffagaatanii akka quabatanii jiranidha.

Taarraqeny (2002:2) akka ibsetti Maccii fi Tuulamni gosoota Oromoo keessaaa tokko ta'anii Oromoon Kiiramuu jiraatu gosoota Maccaa yommuu ta'u, Maccaa irraa Jaawwiin maddee, Jaawwii irraa Jiddi maddee Jiddarraa Oromoon Kiiramuu maddee sirna Gadaa fooqaa Darrabbaa kana hundeeffatee ittiin tajaajilamaa jira.

Hundeen Gadaa Fooqaa Darrabbaa kunis ragaan barreeffamaa kan hin maxxanfamne waajjira Aadaafi Turizimi Aanaa Kiiramuufi Jaarsoliin aanichaa tokko, tokko Wabeeffachuudhaan akka ibsanitti bara durii Horroo Bulluq irraa foxxoqee akka dhufeefi kora Goobuu jedhamu qubatee erga turee booda bakka jahatti kan qoodamedha. Bakka jahan isaanii kallattii jahan daangaa bal'ifachaa socho'aa turaan.

Kunneen jahanis Amuru bakka Naffuroo jedhamutti, Giddaa bakka dhahee jedhamutti, Limmuu bakka Leemmatti jedhamutti, Eebantuu bakka Dilalloo jedhamutti, Calliyaa bakka Soob jedhamuttifi Kiiramuu bakka Darrabbaa jedhamutti Sirna Gadaa kana kora Goobuu irraa fudhatanii galanii bakkeewwan olitti tarreeffaman kanatti hundeessan jedhamee dubbatama.Kanarraa ka'uudhaan, bakki Fooqaa Darrabbaa jedhamtu kun kan hundeeffamte ta'uu ragaan waajjira Aadaa fi Turizimii Aanichaa ni ibsa.

Uummanni Aanaa Kiiramuufi naannoo isaa sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa kanatti sirriitti kan fayyadamaa jiran ta'ee, daangaan aanaa Kiiramuu karaa bahaa Aanaa Amuru, karaa dhihaa Aanaa Gidda Ayyaanaa, karaa kaabaa naannoo Amaaraafi karaa kibbaa immoo Aanaa Abee Dongorootiin kan daanggeffamuufi hundeeffamni Aanaa kiiramuu duraan Aanaa Giddaa Kiiramuu jalatti kan turte bara 1999tti immoo Aanaa Giddarraa foxxoquun aanaa of dandeesse taatee hundeeffamtedha.Haalli qilleensa isaa gammoojjii, badda dareefi baddaa kan qabudha.

Uummanni Oromoo uummata aadaafi afaan mataa isaa qabudha. Akkasumaas, Seera ittiin walbulchu ofiin tumatee ittiin wal geggeessaa tureefi wal-geggeessaa jirudha. Seera Oromoon ofiin tumatee ittiin wal-geggeessaa turefi wal geggeessaa jirudha. Seeraa

Oromoon ofiin tumatee ittiin wal-geggeessaa turefi wal geggeessaa ture. Asmarom (2000:208) yommuu ibsu, “One of the most interesting aspects of Oromo tradition is that laws are treated as product of human delibration” jedha. Kana irraa hubachuun kan danda’amu uummanni Oromoo seera mataa isaa tumatee, Seera tumate tumate kanas kabajee, kabachiisee ittiin jiraachaa akka turedha.

Gama biraatiinis, Warqinaanis (2008:20), “Gadaan heera saba Oromoo guutuu, kan siyaasaa, diinagadeefi hawaasummaa ittiin murteeffamudha” jedha. Kanaafuu, sirni Gadaa mallattoo eenyumaa Oromooti jechuun ni danda’ama.

Giday (2002), “The common socio-caltural and poloticial bond of the Oromo is the Gada system,” jechuun ibseera. Yaada kanarraas kan hubatamu qindoominni hawaas-aadaafi siyaasa Oromoo sirna Gadaa ta’uu isaa ibsee jira.Bu’uura kanaa, hawaasni Oromoo kun aadaa isaa bu’uureeffatee jiruufi jireenya isaa gama hundaan geggeeffataa tureera; geggeeffataas jira. Kunis aadaan bal’ina isaa irraa kan ka’e waan hunda akka qabaatu Zarihun (2005:91) ni hima.

Itti dabalees Zarihu, “People adapt themselves to the environment using culture,”jedha.Kanaafuu, aadaatti tajaajilamuudhaan mudannoo bu’aa ba’ii jireenya hundaaf furmaata argachuun akka danda’amudha. Waa’ee uummata Oromoo kallattii kamiyyuu qorachuudhaaf hubannoo waa’ee sirna Gadaa Oromoo beekuun dirqama ta’a. Kanaafuu, sabni Oromoo saba akka feeteen jiraatu osoo hin taane aadaa isaa bu’uureeffachuudhaan seera tumatee kan qabeenya walii saamee seera sirna Gadaa amansiisuun kan dide immoo seera sirna Gadaatiin kakachiisuudhaan of bulchaa jira.Haala kanas Asmarom(2000:42), “The fact that the Oromo are not stateless. They have produced one of the most remarkable polysepalous political saystem, complex legislative and judiciary institutions,” jechuun hiika.

Yaada kana Warqinaan (2008:6) akka ibsutti, “Ilmaan Oromoo wal lolan walitti araarsuudhaaf furmaaanni Gadaadha.” Kunis Biiroon aadaa fi Turiizimii Oromiyaa (2007) akka ibsuttis, rakkina maatii, olla, dhirsaa, fi niitii fi kan kana fakkaatan gidduuttii wal amantaan dhibee seera sirna Gadaatiin wal kaksiifatu. Walumaa galatti, sirni Gadaa kun haala bu’aa ba’ii jiruufi jireenya hawaasichaa karaa nagaadhaan geggeessuu keessatti maal

akka fakkaatu kan ibsudha. Sababa kanaafi, hawaasa Oromoo Aanaa Kiiramuu haala gaarii ta'een tajaajilaa jira.

**1.2 Ka'umsa Qorannichaa**

Sirni Gadaa Fooqaa Darrabbaa akkuma sirna Gadaa kanneen bakka biro jiranii bu'aa yookaan tajaajila uummataa Oromoof kennaa jira. Kanaafuu, Oromoota naannoo Aanaa Kiiramuu jiraataniif gama siyaasaa, amantii, diinagdeefi hawaasummaadhaan jireenya isaanii keessatti tokkummaafi gamtaa isaanii eeggatanii akka waliin jiraataniif gahee guddaa qaba. Akkasumas, jiruufi jireenya sabichaa keessatti sababa garaagaraadhaan adda addummaa yaadaa namoota gidduutti uumamu gad-fageenyaan qoratee bifa araarsuun walitti fiduu kan araara didan immoo seera sirna Gadaa Fooqa Darrabbaatiin kaksiisuun gahee inni qabu qaacesseefamee jira.

Kanamalees, sirni Gadaa Fooqni Darrabbaa kun yeroo ammaa kana tajaajila kan kennaa jiru yoo ta'ellee, dhaloota boriif darbuuf wabii amansiisa hin qabu. Sababni isaas, waa'een qabiyyee kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa hanga dubbisetti kan barreeffamee jiru hin agarre. Garuu, kan itti dhiyaatu "Qaaccessa Gahee sirna Gadaa Soob-calliyaa jaarsummaa Oromoo keessatti Aanaa Giddaa Ayyaanaa Ganda Hoomii Ansaaraa irratti xiyyeeffate" qorataa Dajanee (2006) digirii lammaffaarratti qorate ta'ee, cimina qorannoo sana yommuu ilaalu namoonni wal himatan mana murtii osoo deemanii baasii heedduu hin baasin jaarsoliin sirna Gadaa Soob-Calliyaa kun namoota wal himatan sana bifa jaarsummaadhaan araarsuun isaanii qorannoo kana keessatti keessatti cimina ta'ee jira. Garuu, qorannoon kun qabiyyee kakuu sirna Gadaa kan jedhu irratti hir'ina qaba.

Bu'uuruma kanaan, qorannoo kana ka'umsa godhachuudhaan hanqina qorannoon kun qabu duuchuuf akkaan qoranoo mata duree xiinxala qabiyyee kakuu sirna Gadaa Fooqa Darrabbaa keessatti namoota wal shakkanii jaarsolii sirna Gadaatti dhiyaataii walitti araaramuu didan sana seera kakuu sirna Gadaa keessatti geggeeffamu barreeffamatti jijjiiree duudhaa hawaasichaa dhalootatti dabarsuuf, meeshaalee aadaa kakuu kan uumamaafi nam-tolcheetti fayyadamanii akka isaan raawwatan ifa gochuuf kan jedhamu ka'umsa qorannoo kanaati.

Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa armaan gadii deebisee jira.

### 1.3 Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa

Qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa qorannichaa armaan gadii deebisee jira.

- Qabiyyeewwan kakuu sirna Gadaa Darrabbaa maal fa'i?
- Kakuun sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti faayidaa maalii qaba?
- Gahee afoolli raawwii kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa keessatti qabu maal fa'i?
- Kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa irratti meeshaaleen aadaa maal maaltu tajaajila irra oola?

### 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree armaan gadii of keessatti hammatee jira.

#### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qabiyyee kanaa qabiyyee kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa xiinxaluudha.

#### 1.4.2 Kaayyoo Gooree

Qorannoon kun kaayyoo gooree armaan gadii galmaan gahee jira.

- ✓ Qabiyyeewwan kakuu sirna Fooqaa Darrabbaa eeruu.
- ✓ Faayidaa kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu mul'isuu.
- ✓ Gahee afoolli raawwii kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa keessatti qabu ibsuu.
- ✓ Gahee meeshaaleen aadaa qabiyyee kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa irratti qaban ibsuu.

### 1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo tokkoo, barbaachisummaa mata duree qorannichi geggeeffamuufi odeeffannoo bu'uuraa qorannichaa irratti hunda'a. kanaafuu, barbaachisummaa isaa hawaasichi waa'ee aadaa isaa gadi fageenyaan akka beekuuf, abbootiin dhimma naannoo

isaaniitti akkaataa seera Gadaatiin buluu akka qabaniifi osoo fagoo hin deemin haqa akka argataniifidha.

Akkasuamas, qorattoota biro kaayyoo garaagaraaf dhimma kana qorachuuf fedhii kan qabanis ni kakaasa. Qoratamee yoo ta'e qorataa biraafis ka'umsaa fi madda ragaa dabalataa ni ta'a.walumaa galatti, hawaasni aanichaa seera kakuu Fooqaa Darrabbaa gargaaramanii fi baasii mana murtii keessatti gatii barreessuuf qarshii ba'u irraa bilisa ni taasisa.

**1.6 Daangaa Qorannichaa**

Bakki qorannichi itii geggeeffame Oromiyaa dhihaa Godina wallagga bahaa Aanaa Kiiramuu Ganda Darrabbaa jedhamu keessattidha. Sababa qorannoonn kun achitti daanga'es Sirni Gadaa Horroo Bulluq irraa foxxoqee sirna Dargii keessatti hojjechaa turee, bara 2002 irraa kaasee akka haaraatti aanaa kana keessatti akka gaariitti hojjechaa kan jirudha. Qorataanis kana hubatee xiinxala qabiyyee kakuu sirna Gadaa adeemsa kakuun sirna Gadaa keessatti hojjetu qoratee ifa baasuuf bakka sana qofarratti daangeffatee Qorannichaa qorannoo kan geggeesse.

**1.7 Hanqina Qorannochaa**

Qorannoon mata duree xiinxala qabiyyee kakuu sirna Gadaa Fooqa Darrabbaa jedhu kana geggeessee raawwachuu keessatti hanqinni qorataa qorannichaa mudate ni jira. Odeeffannoo qorannichaaf barabaachisuattoo filaman bira gahuun fudhachuuf yeroon deddeebii baay'achuu fi adeemsi jiru haala geejibaaf mijachuu dhabuu. Itti dabalees, yeroo hojii idilee mootummaafi adeemsa qorannoo kanaa wal cina deemsisuu irrattii hanqina yeroo fi dhiphina yaadaa fiduun kan qoraticha dadhabsiisaa turedha.

Qorataan yommuu qorannoo kana geggeessaa ture hanqinaaleen qoraticha mudatan: kitaabilee wabii heedduu dhabuudha. Sababni isaas qabiyyee kakuu sirna Gadaa irratti barreeffamoonni jiran muraasa ta'uu irraan kan ka'e kitaabilee garaa garaa kallattii kanaan barreeffaman dhabuudha.

# BOQONNAA LAMA:  SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana jalatti kan hammataman, aadaa hawaasa Oromoo, gahee fookilooriin rakkoo hiikuu keessatti qabu, yaadrimee Sirna Gadaa Oromoo, afoola hawaasa Oromoo, meeshaalee aadaa rakkoo hiikuuf oolaniifi yaadiddama qorannichaa ibsamanii jiru.

## 2.1 Aadaa Oromoo

Aadaa Oromoo Asaffaan (1994:58), " Oromoon aadaa safuu, aadaa wal gargaaruu, aadaa waliin buluu, aadaa tapha addaa addaa, aadaa nyaataa fi dhugaatii, aadaa karoora maatii, aadaa guddifachaa, aadaa duulaa, aadaa seera tumateen wal abboomee wal bulchuu akka qabu ibseera."

Kana ilaalchisee Jabeessaan ( 1995), aadaan meeshaalee gaarii rakkoolee hawaasaafi kan naannoo ittiin furuuf gargaaru ta\uullee ibsee jira. Bu'uura kanaan, Biiroon Aadaafi Turiziimii Oromiyaa (2007:223), "Gadaan rakkoolee maatii, ollaa, dhirsaafi niitii gidduutti uumamamaniif hiika kenna." Sirni Gadaa Oromoo kunis, uummanni Oromoo kamiyyuu haala sadarkaa umurii isaadhaan ga'een hawaasummaa illee kan irraa eegamudha.

Kanas kitaabumti olii kun, " The Gada system probably started out as system of age sets." Dirribbii ( 2012:21) kana yommuu ibsu, " Gadaan Jaarmiyaa umuriifi dhalootaan ijaarame, sirna diimokiraasii uummata Oromootiin uumamedha," jedha. Kunis kan agarsiisu sirni Gadaa Sirna umuriidhaan caaseffame ta'uudha. Haaluma wal fakkaatuun, Taarraqeny ( 2000) akka ibsetti, " uummanni oromoo naannawaa Aanaa Kiiramu akkuma Oromoota bakka garaa garaa aadaa isaa bu'uureeffachuudhaan Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa kana hundeeffatanii ittiin of tajaajilaa jiru" jedha.

## 2.2 Gahee Fookilooriin Rakkoo Hiikuuf Qabu.

Gahee fookiloriin hawaasaaf qabu karaa addaa addaa ibsamuu danda'a. Gemeda (2007:83), Some of the functions of the various geners of folklore are to convey moral truth, to preserve the beauty of people's values and prestiage, to record accumulated great wisdom of generations by using variety of artistic talent" jechuun ibsee jira. Kanarraa hubachuun kan danda'anu fookilooriin aadaa hawaasaa dhalootaa dhalootatti dabarsaa miidhagina duudhaalee namoota eegee tursuufi ogummaa namoonni qaban walitti qabee dabarsuu irratti gahee qaba.

### 2.3 Yaadrimee Sirna Gadaa Oromoo

Sirni Gadaa jiruufi jireenya uummata Oromoo kan of keessatti hammatedha. Kanaafuu, gama amantii, hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaatiin kan uummata Oromoo geggeessudha. Asmarom (1973:8) akka ibsutti, " The Gada system is the system of classes that succed each other every eight years in assuming military, economic, political, and ritual responsibility,"jedha. Haaluma kanaan, Sirni Gadaa sirna siyaasaa, diinagdee, human ittisaafi amantaa uummatichaa kan geggeessu ta'uu ibsee jira.

Aadaa uummata tokkoo dhalootaa dhalootatti kan ce'u waan ta'eef qaama jireenya hawaasichaa kamiyyuu gaddas ta'e, gammachuu waanta haawasicha keessatti mul'atu mara akka galaanaa kan haree deemudha. Kana ilaalchisee (2004:15), aadaan hawaasaa dhalootaa dhalootatti kan daddarbu ta'uusaa ibsee jira.

Dabalataanis, hawaasichi mudannoo jiruuf jireenyaa keessatti isa mudatan to'achuudhaafis seera bulmaataa kan mataa isaa qaba. Seera kanas kan tumatu hawaasichumadha.Yaada kanas Dirribiin (2012:312) akka ibsutti, " seera kan tumus kan ittiin bulus uummatuma" jedha. Kanarraas kan hubatamu, uummatichi seera bulmaataa kan isaaf ta'u ofiin tumatee geggeessitoota ofiin filatee kennachuudhaan akka isaan ittiin hawaasicha geggeessan gochuun isaa mallattoo sirnichaa dimokiratawaa taasisuudha.

Haala jiruuf jireenya uummata Oromoofi Sirna Gadaa addaan baasanii ilaaluun hin danda'amu.Sababni isaas, haalli jiruuf jireenya uummata Oromoo Sirna Gadaa keessatti kan geggeeffamudha. Kanaafuu, uummanni Oromoo sirna bulchiinsa gaarii kan ta'e Sirna Gadaa kana akkaataadhuma daangaa baballifataa adeemeen wiirtuu sirna Gadaa isaas baballifataa adeemuu isaas seenaan raga baha. Dhimma kanas Alamayyoo (2007:277), "Macci gurmaa'inaa fi hojii bulchiinsaaf Odaan Nabee waan irraa fagaateef Odaa Bisil haaromsuun wiirtuu siyaasa ofii godhate" jedha.

Negaasoonis(2001:151) akkas jedha, "Each Gada or period had a group of people or an organizational net work….". Yaadni kunis Sirni Gadaa caasaafi qindoomina mataa isaa kan qabu ta'uu hubachiisa. Akkasumas, Gadaan Sirna Oromoon ittiin wal bulchu, kan biyya ittiin eega, mirga uummataa ittiin kabachiisaniifi heeraan ittiin bulanidha. Kana malees, Mangashaan 1992:8), " The Gada System has lead the social, cultural, religions,

poloticial and economic life of the Oromo people…"jedhee hiika. Yaada Mangashaarraa ka'uudhaan Sirni Gadaa Oromoo haala jiruuf jireenya saba Oromoo kallattii hundaan bifa diimokiraatawaa ta'een kan geggeessudha. Kunis sabni Oromoo hundi kan waliin qooddatan ta'uu ni ibsa.

Jabeessaan (1995) seerri Oromoon ittiin wal-bulchaa ture seera namummaa, seera bulchiinsaa, seera qabeenyaa, seera yakkaa akka ta'an addeesseera. Kanarraa kan hubatamu kakuun abboommiiwwan uummata Oromoo, Oromoo cabsuu hin qabnedha.

Haala uummanni Oromoo ittiin wal geggeessaa ture, Ayalew(2005) akka ibsutti bulchiinsi Oromoo mukoota gurguddoo jala marga lalisaarra taa'ee akka aadaa isaatti seera tumatee nama seeraicha cabsee yakka addaa addaa hojjete seera kakuu Sirna Gada Oromootiin wal kaksiifatee, ittiin wal amanee, wal geggeessaa akka ture ibsee jira.

Sirni Gadaa eenyummaafi aadaa uummata Oromoo Addunyaa guutuudhaaf fakkenya ta'uun tajaajila. Dirribiin (2012:21), Sirni Gadaa kan beektonni garee Ogummaa garaa garaa ta'an dinqisiifatan ta'uu ragaa baha.

Waa'ee Sirna Gadaa Jeylan (2005:51) yommuu ibsu ," The Gada System is special politicial and social organization of Oromo people and has its origin in the age system of the Horn of Africa," jechuun ibsee jira. Kana irraa kan hubatamu sirni Gadaa dhaaba siyaasaafi hawaasa kan uummanni Oromoo akkaataa umurii isaatiin wal geggeessaa ture ta'uu isaati.Dabalataan, Warqinaa (2008:20-21), " Sirni Gadaa bulchiinsa raajii kan uummanni gurrachi uume, sirni kun uummata Oromoo qofa osoo hin ta'in uummattoota gurracha hunda ni boonsa," jechuun ibsee jira.

Akkasumas, Warqinaan (2008:64-66) naannoolee federeeshinii Gadaa Oromiyaa shanan akka ibsetti:

1. Godinaaleen naannoo federeeshinii Gadaa Tuulama jalatti kan hammataman Shawaa bahaa, Shawaa Lixaa, fi uummattootaa Oromoo Walloo of keessatti kan hammatu ta'ee, handhuurri Gadaa Tuulamaa Odaa Nabaee ture.
2. Federeeshinii Gadaa Booranaa jalatti Godinaaleen hammataman Booranaafi Gujii yommuu ta'an, handhuurri Gadaa Booranaa Odaa Mormor ture.

3. Naannoo Federeeshinii Gadaa Arsii keessatti Godinaaleen aragaman Madda Walaabuu dabalatee,Arsii, Baalee fi Arsii Lixaa yommuu ta’an handhuurri Gadaa Arsii Odaa Roobaa ture.

4. Naannoo federeeshinii Gadaa Maccaa jalatti Godinaaleen argaman Wallagga bahaa, Wallagga Lixaa, Jimmaa fi Iluu Abbaa Booraa kan hammatu ta’ee, handhuurri Gadaa Maccaa Odaa Bisil ture. Odaan Bisil Amboo gadi aanaa Xiqur Incinniitti argama.

Akkasumas, federeeshinii Gadaa Harargee Baarentummaa keessatti godinaaleen argamani, Harargee Bahaa fi Dhiha Magaalaawwan Dirre Dawaa fi Harar yommuu ta’an, handhuurri Gadaa Harargee Odaa Bultum ture.Walumaa galatti teessoon federeeshinii Gadaa shananii Finfinnee akka ta’e ibsee jira.

**2.3.1 Afoola Hawaasa Oromoo**

Afoolli himamsa afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa dhufedha. Afoola Gemeda (2007:79), “Oral Literature as the reflection of human intellect takes place in the complex social situations wich need to disconcerned, “jechuun ibsee jira. Kanarraa ka’uudhaan, afoolli daawwitii jiruufi jireenya uummata keenyaa waan ta’eefii isarra dhaabbatanii kan gara fuulduraa raajuudhaafillee karaa kan banu ta’a jedheen amana.

Afoolli meeshaa guddaa bara umurii isaa tilmaamuufillee kan ulfaatudha. Asaffaa (2009:20),” Ilmaan namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hin jalqabin dura og-afaan, fakkii fi bocaan yaada isaa ofiin ibsaa ture.” Kunis kan hubachiisu, afoolli umurii dhalli namaa Addunyaa kanatti dhufeen kan wal gituu danda’u ta’uu hubachiisa.

Akkasumas, Jeylan(2005:23) afoola yommuu ibsu “The Oromo are the largest Ethio-nation in east Africa and the speaker of one one of the most widely spoken language on the continent.

The oromo did not have written Literature in the past,” jechuun ibsee jira. Kanarraa hubachuun kan danda’amu, uummanni Oromoo uummata Afirikaa bahaa guddaa ta’ee fi baroota darban keessatti og-barruu barreeffamaa kan hin qabnefi afoolatti dhimma bahaa kan turan ta’uu isaatu hubatama.

Kana malees, afoolli qaama og-barruu keessaa isa tokko ta'uun afaaniin labata tokkorraa isa itti aanuutti qaxxaamura. Finnegan (2012;1) akkas jechuun ibsiti, " Afrikaan og-barruu barreeffamaafi afoolaa qabdi. Afoolli erga beekamtummaa argachaa dhufee kan dhuheenya qabuufi fudhatamummaan isaa haal barbaachisuun osoo hin hubatamin kan yeroo dheeraa turedha," jetti.

### 2.3 Meeshaalee Aadaa Kakuu Sirna Gadaa irratti Hojii Irra Oolan

Uummanni Addunyaa kanarra jiraatu kamiyyuu akka naannoo isaatti meeshalee aadaa kakuu Sirna Gadaa keessatti rakkoo hiikuuf hojiirra oolan heedduu qaba. Dirribiin (2009:104),"Meeshaaleen aadaa Ormoo yeroo Waaqa kadhatanii fi ayyaanota adda addaa ayyaaneffatan itti dhimma bahan caaccuu, callee, mutaa, eeboo, kallachaafi bokkuu akka ta'an ibsa.

Kana malees, Tamasgreen (2008:32) meeshaaleen aadaa kakuuf oolan akka ibsetti, "To begin with these objects include such metal, like bush Knife, Hors harness, foot chain, three point girl, two point spear head, needles, spear with two rowns of twisted ends, a plough share, an axe, piner broken wip in boku apiner and plough harness" jechuun ibsee jira. Kana irraa akka hubatametti meeshaaleen seeraa rakkoo hiikuuf oolani; eeboo, qoraattii, luugama, maarashaa, rasaasa, lilmoo, qonyeefi hankaasseen adeemsa rakkoo uume keessatti meeshaalee rakkoo furuuf oolan akka ta'an ibsamee jira. Kanamalees, meeshaaleen kunniin safuu, hooda uummatichaa keessatti kan qabanii fi sodaachisoo kan ta'anidha.

### 2.5 Yaadiddama Qorannichi Hordofu

Sakatta'a barruu jalatti qabxiin ka'uu qabu yaadiddama qorannichi irratti geggeefamudha. Haaluma kanaan, qorannoon qabiyyee kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa yeroo geggeessu yadiddama jiran keessaa yaadiddama caas-tajaajilaa yookaan yaadiddama faayidaa (stracural functionalism) irratti hundaa'uun qorannicha geggeesseera. Yaadiddamni kun akkaataa fookilooriin jiran tajaajila kennanniin kan qoratudha. Faayidaa fookilooriin tokko qabu akkasuma tajaajila inni qaama keessatti argamuuf kennu ka'umsa taasifachuun dayeessa kanaan qoranna. Bascom (1965:293) yeroo ibsu, fookilooriin jiru sun, akkaataa hawaasa sana barsiisuun argamutti qorachuun adda baasuu akka dandeenyu ibsa.

Sims (2005:176) akka ibsutti, “Working with this methodology, the functional approach is always conservative and static, the functions themselves are conservation functional analayis, then, is a historical, suggesting that the text was used or the performance occurred for the same reason regardless of context.” Mala kanaan qorachuuf, haala fayyadama isaa fuulleffachuun kan qorannu yoo ta’u, qaaccessa tajaajilaa, seenaa, faayidaa barruu tokkoo kana jechuuf yookaan xiinxaluuf yaadiddamni kun kan fayyadu ta’uu yaada kanarraa ni hubanna.

Kanaafuu, Qabiyyee kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa yommuu sakattaa’an ture, faayidaa kakuun hawaasaa keessatti gama hundaan namaoota gidduutti rakkoo malee waliin jiraachuu akka danda’an gochuuf tajaajila. Dabalataanis, qorannoon kun rakkoo waliin jireenya hawaasa gidduu jiruu fi wal amantaan giduu isaaniitii dhibuu isaa waan mul’iseef rakkoon kun akka furamu yaadiddama tajaajila kana kana filachuun qorannicha geggeessee jira.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO

Qorannoo tokko geggeessuuf malli qorannoon tokko ittiin adeemsifamu gahee olaanaa qaba.Dawson (2002:14) yommuu mala qorannoo ibsu, “The first thing you need to do is to think about your research methodology. This the philosophy or the general principle wich will guide your research, “jedha. Qorannoo geggeeffamu keessatti malli qorannoo dursamee akka ilaalamuu qabu, qajeelfama waliigalaa qorannoo kan qajeelchu danda’uufi filoosoofii qorannoo akka ta’e yaada kanarraa ni hubanna.

Boqonnaa kana jalatti waantonni dhiyaatan:saxaxa qorannoo, gosa qorannichaa, mala qorannichaa, madda odeeffannoo, mal iddattoo, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu, af-gaaffii, daawwannaa, marii garee, mala qaacessa ragaalee kan of keessatti qabatudha.

### 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon adeemsifamu maal irratti bu’uureeffatee akka deemuu adda baasuuf saxaxni qorannichaa murteessaadha. Addunyaa (2011:63-64) waa’ee saxaxaa yoo ibsu, “Saxaxni walii gala qorannichaa to’ata. Saxaxa qorannoo tokkoo kan murteessu gaaffiiwwan qorannichaa deebisuuf deemu, kaayyoo isaa, akaakuuwwan odeeffannoo argamuuti jechuun ni danda’ama.” Dabalataan, Kothari (1990:31) saxaxa qorannoo yeroo ibsu, haala odeeffannoon itti argamuu fi qaacceffamu akkaataa barbaachisuun kaa’uu fi galma qorannichaa sirnaan eeguun kan kallattii qabsiisu jedha.

Haaluma kanaan, mala akkamtaan geggeeffame. Malli kun odeeffannoo iddattoorraa argame gadi-fageenyaan ibsuuf gargaara. Addunyaa (2011:60) mala akkamtaa akkas jechuun ibsa, “Malli akkamtaa haala jiruuf jireenya hawaasaa akkaataa, bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas, maal jechuu akka ta’e kan ittiin xiinxalludha.” Kana irraa kan hubatamu, malli kun waan jireenya hawaaasichaa keessatti argamu qorachuuf kan gargaaru ta’uu isaati. odeeffannoo qorannoo tokkoo keessatti argamu mala kanaan xiinxalanii ibsuuf kan gargaaru waan ta’eef qorannicha geggeesse.

Odeeffannoon argame kun ibsa akkamtaan ibsame. Kun immoo, Odeeffannoo mala akkamtaan argaman jechaan ibsuun raawwatame. Kanaafuu, qorannoon kun saxaxa ibsaa (descriptive design) kan jedhuun geggeeffame. Kothair (1990) saxaxa ibsaa yoo ibsu, “ In

descriptive design, researcher must be able to define clearly, a what he wants to measure and must find adequate method for measuring it along with a clear cut definition of 'population' he wants to study" jedha. Yaanni kun saxaxa ibsaa keessatti qaamni qorannoo geggeessu ibsa ifa ta'e odeeffannoo jiru irratti kan kennuu danda'uu fi mala qorannichaaf mijatuun qorannicha kan raawwatu ta'uu akka qabu ni ibsa. Qorannoon kun immoo mala akkamtaan waan geggeeffameef, odeeffannoon argame jechaan ibsamee kan raawwatamedha.kanaaf, saxaxni kun qorannoo kana keessatti filatamuun qorannichi raawwatameera.

### 3.1.1 Gosa Qorannichaa

Mata dureen qorannoo kanaa xiinxala Qabiyyee kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa ta'ee, gosoota qorannoo jiran keesssaa gosa qorannoo ibsaa (Descriptuve research) fayyadameenidha.Addunyaan (2001:62-63) yommuu ibsu, " Qorannoon ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'e, maaltu akka ta'aa jiru, kan ittiin addaan baafannudha. Kanaafimmoo, jijjiiramtoonni akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti ibsuudha. Qorannoo ibsaan rakkoo qorannoon irratti geggeeffamaa jiru sana ibsuurra taree hanga walitti dhufeenya jijjiiramtoota addaan baasuutti deema,' jedha.

Kanaafuu, qorannoon kun yommuu geggeeffamu haala qabiyyee kakuu Sirna Gadaa, adeemsa raawwii isaa, meeshaalee aadaa kakuu Kan uumamaafi namtolchee, faayidaa kakuun sirna Gadaa qabuufi afoolli Oromoo tajaajila inni kennu daawwadhee odeeffannoo funaannadheen gosa qorannoo ibsaatti fayyadameen jira.

### 3.1.2 Mala Qorannichaa

Qorannoon kana yommuun geggeessu dursee qorannicha maaliif akkan geggeessu, akkamiin akkan geggeessu, maal irratti akka xiyyeeffatu, mala akkamiin yoo fayyadame kaayyoo barbaadame bira gahuu akka danda'amu adda baasuun barbaachisaadha. Malli qorataan itti fayyadames mala akkamtaadha. Malli kun odeeffannoo aslii kan rakkoo qoratamu sana gadi fageenyaan dhiyeessuun arggannoof haala mijeessurratti humna qaban irratti xiyyeeffata. Malli qorannoo akkamtaa haalli jiruuf jireenya hawaasichaa yookaan amala hawaasa sanaa akkaataafi bifa ittiin qabuufi qabata isaa akkasumas, maal jechuu akka ta'e kan ittiin xiinxalamudha.

Malli akkamtaa gaaffii ‘Akkamitti’ jedhuun kaasuun bal’inaan qorachuuf haala mijeessa. Gaaffii kana deebisuuf kan barbaachisus odeeffannoo akkamtaati (qualitative data). Haaluma kanaan, qorannoo kana yommuun geggeesse mala qorannaa akkamtaattti fayyadamee qorannoo kana geggeesseen jira.Akkasumas, malli qorannoo kanaa dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsamee jira.

### 3.1.3 Madda Odeeffannoo

Qorannoo geggeeffamu tokko keessatti, maddi odeeffannoo isa bu’uuraati. Kanumaan, maddi odeeffannoo qorannichaa madda jalqabaafi madda lammaffaa ta’a. Maddi jalqabaa qaama iddattoo qorannichaa irraa haala hawaasichaa bakka bu’uudhaan odeeffannoo argamudha. Kanaafuu, waa’ee Qabiyyee kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa kana ilaalchisee odeeffannoo barbaachisu qulqullinaafi gahumsaan akka naaf kennan jaarsolii waa’ee sirna sanaa sirriitti beekan dhiirota 13 fi dubartoota 2 walitti namoota 15 irraa odeeffannoo fudhee qorannicha geggeessseen jira.

Maddi lammaffaa immoo barruulee, kitaaboleefi qorannoowwan adda addaa mata duree kana tumsan sakatta’uun argaman. Kanaafuu odeeffannoon madda jalqabaa fi lammaffaa qorannoo qoratichaaf gargaarsa ta’uun raawwii qorannichaaf deggersa taasisan.

### 3.1.4 Mala Iddatteessuu

Qorannoo kanaaf namoota hunda irraa odeeffannoo gahaa argachuun rakkisaadha. Namoonni kun hubannoo wal fakkaatu qabaachuu hin danda’an. Kanaafuu, raawwii kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa kana irratti namoota hubannaa qaban filachuun dhimma filannoo hin qabnedha. Anis kana galmaan geessisuuf namoota aanaalee keessa jiran hunda waliin gahuun rakkisaadha. Namoonni hundis odeeffannoo kana beekuu dhiisuu danda’u. Kanaafuu, tooftaa kana fayyadameen iddattoo mit-carraa filadhe.

Akka Neuman ( 2007:147) ibsetti, “kaayyoon iddatteessuu sababoota, ta’insootaa fi gochaalee jiran gad-fageenyaafi haala ifa ta’een hubachuuf ta’u. Xiyyeeffannoon qorataa qorannoo akkamtaas sababoota jireenya hawaasaa keessatti galumsa tokko keessatti dhiibbaa agarsiisan adda baasuufidha. Kanaafuu, qorattoonni gosa iddatteessuu mit-carraa fayyadmuu filatu.” Jedha.Anis gosa iddatteessuu kanatti fayyadameen jaarsolii raawwii kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa keessatti beekan filadhee af-gaaffii dhiyeessuuf marii garee uumuun ragaa sassaabbadhee qaacesse.

Gosa iddatteessuu mit-carraa keessaa tokko iddatteessuu akkaayyooti. Malli filannoo gosa iddattoo kanaa kan qoratan madda odeeffannoo gahaa naa laachuu danda'a jedhee itti amanee filatudha. Qorannoo kana keessatti jaarsolii sirna kakuu sana beekanutu filatame. Jaarsolii odeeffannoo kennuu danda'u jedhaman carraa keessa osoo hin galchin kaayyefannoon kanneen filataman.

Akka Neuman (2007:142) ibsetti, "iddatteessuun akkayyoo kan fayyadu qorataan dhimma koo galmaan geessisuu danda'u jedhee safara yookaan ulaagaa mataa isaa fayyadamee kan filatudha," jedha. Haaluma kanaan, jaarsolii raawwii kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa kana keessatti hubannoo qaban filachuudhaan ragaa funaannadhee odeeffannoo qaacesseen jira.

Gosa iddatteessuu mit-carraa inni lammaffaa immoo qorannoo kanaa tooftaa darbaa dabarsaan filataman. Sababni isaas odeeffannoo qorannoo kana namoonni hundi beekuu dhiisuu danda'u. Kana bu'uureeffachuun namoota waa'ee kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa kana beekan bifa darbaa dabarsaan filachuun af-gaaffii banaa gaafachuun odeeffannoo funaannadhee qaacesseera. Kana malees, Sarantakos (1997:16) akka ibsetti, "Malli iddatteessuu darbaa dabarsoo odeeffataa muraasa ta'aniifi odeeffannoo kennuuf mijatoo ta'anitti fayyadamuu akka ta'an ibsee jira."

### 3.2 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu

Meeshaalee odeeffannoo funaannachuuf kanan filadhee qorannoo kana geggeessees daawwannaa, af-gaaffii fi marii garee yommuu ta'an tokko, tokko meeshaalee kanaas akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

#### 3.2.1 Daawwannaa

Meeshaalee odeeffannoo ittiin funaannadhe keessaa tokko ta'ee, guutummaa guutuutti keessatti hirmaachuun daawwachuu fi ala dhaabbatanii ilaaluun odeeffannoo barbaachisu fudhachuu ilaallata. Qorataanis qorannoo kana yommuu geggeess ala dhaabbatee odeeffanno funaannachuun kan geggeessedha. Akkasumas, Sirna raawwii kabaja ayyaana waggaa Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa irratti dhiyaachuun waantota daawwataman daawwatee jaarsolii Sirna Gadaa dhimma raawwii kakuurratti hojjetaniifi meeshaalee ittiin kakaachisan ilaaluun ragaa barbaachisu walitti qabuunidha. Kana malees, Sirna raawwii kakuu Fooqaa Darrabbaa 'Chek list' (safartuu) qabxiilee afur of keessaa qabu qabadhee

yeroo afurii fi bakka raawwiin sun itti geggeeffamu deemuun daawwanna geggeessee odeeffannoo funaannachuun qaacessuudhaan qorannoo kan xumureen jira.

### 3.2.2 Af-gaaffii

Af-gaaffiin meeshaa qorannoo akkamtaan taasifamu keessatti odeeffannoo qorannichaaf malu kan ittiin argganu keessaa tokko. Kun qaamni qorannoo taasisuufi iddattoon odeeffannoo qorannichaa kennu qaamaan wal arguun yookaan fuulaa fuulatti gaaffiifi deebii taasisuun kan geggeeffamudha. Pickering (2008:79) yaada kaa'ee kana yeroo ibsu, "Interviews are key methods associated with qualitative research. Interviews involves an interviewer and an interview engaging in face- to-face conversation, with the interviewer guiding the conversation by posing questions related to particular topics in order to gain a better understanding," jedha.

Meeshaaleen kunniin qaamota qorannoo akkamtaa ta'uu isaaniifi gaaffii dhimma qorannoo saganteeffameef qophaa'ee ka'umsa taasifachuun, gaafataa fi qaama gaafatamu gidduutti fuula fuulatti kan raawwatamu ta'uu eera. Gosti af-gaaffii qorannoo kanaaf qophaa'ee gaaffii banaadha. Kun akka deebisaan yaada isaa dubbatee ibsuuf kan eyyamu waan ta'eef qoratichaan kan filatamedhha.a. Dabalataanis, meeshaan kun odeeffannoo bal'aa iddattoo qorannichaa irraa argachuuf kan qoraticha gargaaredha.

Af-gaaffiin dhiyaates haala Qabiyyee kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa beekaan manguddoota dhiirota 7fi dubartii 1 walitti namoota 8 ta'an irraa odeeffannoo barbaachisu argadheen qaacesse.

### 3.2.3 Marii Garee Xiyyeeffannoo

Meesshaan funaansa odeeffannoo kun akkuma af-gaaffii odeeffannoo qorannoo akkamtaa keessatti gargaaru funaanuuf oolu. Tayie (2005:85) marii garee xiyyeeffannoo yeroo ibsu, "odeeffannoo qorannoo tokkoof fayyadu guuruuf yookaan odeeffannoo akkamtaa gaaffilee bu'uuraa qorannichaa deebisan ittiin argamsiisuuf gargaara." jedha. Akkasumas, Dawson (2002:29) yommuu barreessu, namoonni lakoofsa qaban gaafatamuun gareen walitti dhufanii dhimma tokko irratti kan waliin mari'atanidha. Iddattoo qorannichaa bakka bu'ee waliin ta'uun gaaffilee bu'uraa qoranichaaf odeeffannoo gahaa akka laataniif meeshaa odeeffannoo deggersaa eegamu taasisu ta'uu nama hubachiisa.

Qorannoo kana keessatti gaaffileen marii garee xiyyeeffannoo kanaaf qophaa'e, gosa gaaffii banaadha. Gosti gaaffii kun immoo iddattoon mariif ta'an akka yaada isaanii daangaa tokko malee dubbatan kan eyyamu waan ta'eef, qoratichaan filatame. Marii taasisuuf jaarsolii Sirna Gadaa kan ta'an dhiirota 6 fi dubartii 1 walitti namoota 7 ta'aniin garee tokkotti ijaaree si'a sadii yookaan marsaa sadiif waliin mariisisuun odeeffannoo barbaachisu walitti qabadhee qorannicha xumureen jira.

## 3.3 Mala Qaacessa Ragaalee

Qorannoon xiinxala Qabiyyee kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa jedhu kana geggeessuuf odeeffannoo iddattoo irraa kan ittiin argame meeshaalee odeeffannoo ittiin funaanamu daawwannaa, af-gaaffiifi marii gareenidha. Akkasumas, sagalee waraabamaniifi suuraaleen ka'an adeemsa raawwii kakuu sirna sanaarratti ka'an dhugummaa isaa mirkaneessee ifa godhee raga gara barreeffamaatti jijjiiree tartiiba raawwii isaatiin kaa'een jira.

Odeeffannoon iddoo qorannichaa irraa funaaname kun erga adda baafamuun haala wal fakkaataniin yookaan gaaffilee bu'uuraa deebisuu danda'aniin qabiyyeedhaan qoqqoodee garee jiran jalatti walitti qabuun hiika itti kennameera. Hiikni kenname kun mala akkamtaa yookaan jechaan kan ibsameefi gad-fageenyaan qaaceffamuun kan dhiyaatedha.

Adunyaa (2011:71) akka ibsetti, "Dhimmoonni qaaceffaman callaarraa ka'uun gara dimshaashaatti deemuu gaafata." Haaluma kanaan, gaaffilee bu'uuraa dhiyaataniif tokko, tokko isaaniitiif gosoota meeshaalee odeeffannoo dhiyaatan hunda keessatti deebii iddattootaa tartiiba isaa hordofee qaacesseen jira.

## 3.4 Sakkoo Qoranichaa

Hojii qorannoo keessatti namusni gahee guddaa qaba.kunis qorannoo geggeeffame keessatti icciitii hawaasichaa eeguun qulqullinaafi amanamummaa qabaachuun hawaasichaaf akka oolu gochuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Neuman (2007:5), Seeraa fi naamusa seera qabeessaan eeguun qorataan icciitii hawaasarraa qoratamu eeguufi hawaasa irraa qoratu kabajuun, aadaa isaa, afaan isaa, amantii isaa eeguufi odu himtootaa isaaf galata kennuun naamusa qorannichaa keessaa isa bu'uuraati. Kanaafuu, yommuu qorannoon kun geggeeffamu qorataan adeemsa barbaachisa

ta’n: kanneen xalayaa beekamtii qabaachuu, gaaffilee odu himtootaaf kan dhiyaate qabachuun, meeshaalee ittiin odeeffannoo funaannatu qabachuun keessa darbuun qorannoon xiinxala Qabiyyee kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa irratti akka milkaa’uuf ga’ee koo baheen jira.

# BOQONNAA AFUR: XINXALA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti kan ibsamee jiru ragaalee funaanuun qaacessuu ta'ee, qabiyyeewwan kakuu sirna Gadaaa Fooqaa Darrabbaa, faayidaa kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa keessatti jiruuf jireenya hawaasaa keessatti qabu, Afoolaa adda addaa kakuu Sirna Gadaa keessatti Fooqaa Darrabbaa keessatti tajaajilan, Akkasumas, meeshaalee aadaa kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaarratti hojii irra oolan tartiibaan ibsamanii jiru.

Kakuun seera bu'uura guddina uummataa keessatti yakka gurguddaa hawaasa jeequ dhabamsiisuuf Oromoon aanaa Kiiramuu tumatee ittiin wal-geggeessaa tureefi jirudha. Akka Margaa Shifarraa (10/09/2007) akka ibsetti, kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa seera uummata Oromoo aanaa Kiiramuu ittiin wal geggeessaa turaniifi waadaa waliin jiraachuu keessatti gahee guddaa akka qabu ibsee jira.

Kakuun Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa seera Oromoon aanaa Kiiramuu ittiin wal abboomee, tokkummaa isaa eeggatee ittiin wal geggeessaa turedha. Qabiyyeewwan kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa gaaffilee bu'uuraa keessaa tokko ta'ee, kakuun kun qabiyyeewwan adda addaa of keessatti qabatee jira.

### 4.1.1 Ajjeechaa

Ajjechaa Qabiyyee kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa keessaa tokko ta'e, Akka Oljirraa Kumsaafi Wakshum Abbee (19/09/2007) akka ibsanitti, akka heeraafi seera Sirna Gadaa uummata Oromootti namni kanneen akka loon, hoolaa, re'ee, lukkuu, gaangee, fardaa, harreefi kan kana fakkaatan irratti ajjeechaa yoo raawwatu, abbaan qabeenyaa kun namoota na jalaa horii koo ajjeesan jedhee shakke sana jaarsolii Gadaatti ni dhiyeeffata. Qorannoon shakkamaa kanarratti erga taasifamee booda yoo inni amanuu dide kakuun ni geggeeffama. Kakuun geeggeefamu kun meeshaalee aadaa kakuu kan uummataafi kan nam-tolchee qabachuudhaan raawwiin kakuu ni taasifama.

Shakkamaan tokko horii ajjeeseera jedhamee yoo shakkame akkas jedhanii kaksiisu:

Lubbuun koo akkuma horii sanaa haa du'u
Lubbuun horii mana kootti hin horin
Horii natti hin qabin
Lubbuun koos akka horii sanaa haa citu jedhee kakata.

Kakuun toora 1ffaa yommuu qaaceffamu: Lubbuu osoo baadhuu kan lubbuu qabu waan ajjeeseef akkuma beeylada du'e kanaa naanis Waaqayyo haa ajjeesu jechuusaadha.

Kakuun toora 2ffaa "Lubbuun horii mana kootti hin horin" kan jedhu immoo horiin ajjeefame kun kan lubbuu qabu waan ta'eef horiin lubbuu qabu shakkamtichi sababa cubbuu hojjeteef lubbuun horii naaf hin horin jechuudha.

Kakuun toora 3ffaa immoo "Horii natti hin qabin" kana jechuun immoo yoo an badii kana hojjedheera ta'e, qarshii natti hin qabin, qarshiin boorsaa kootii haa dhibu kan jedhutti qaaceffamee jira. Kakuun toora 4ffaa irratti dhiyaate horiin ajjeefame sun lubbuudhaan waan hin jirreef akkuma horii sanaa lubbuun namichaas akka du'u ni mul'isa. Dubbii qoolaa keessa akkasiitiin madaalama. Innis jecha 'akka' jedhamutti gargaaramuun lubbuu shakkamaa fi lubbuu horii sanaa waliin madaalamee jira.

### 4.1.2 Hatuu

Hatuun beekanii qabeenya nama biroo ifattis ta'e, dhoksaadhaan kallattiinis karaa nama biraa fudhatanii itti fayyadamuudha. Hatuun akka Margaa Shifarraa (19/09/2007) akka jedhetti, aadaa hawaasa keessatti hin barbaachifneefi yaraa waan ta'eef hawaasichi ni balaalleffata. Kana malees, Nama horii yookaan qabeenya namaa fuudhee deebisuuf deedeefi haalee argame Sirna Gadaa kana keessatti jaarsoliin garaagaraa qorannoo geggeessanii yoo namni sun amane abbaa dhimmaa wajjin walitti araarsuu, yoo dide ammo seera kakuu Sirna Gadaa kanaan kakatee gala.

Kabaa Namarraa (19/09/2007) akka ibsetti, waliin jireenya hawaasaaa keessatti hattuun kallattii adda addaan akka saaxilamtu gochuun gahee hawaasa hundaa akka ta'eefi namni hanna irratti qabame uummanni ifaa ifatti ilaalee murtoo Sirna Gadaa raawwachiisuutti dabarsee kennu akkaataa seera Gadaa sanaan murtoo adda ta'e ni argata.

Yaadattuu Galataa (19/09/2007) akka ibsetti, namichi qabeenya namaa hate hawaasicha keessatti jibbamuu qofa osoo hin taane fudhatama akka hin qabne ni ta'a jedha.

### 4.1.3 Sobuu

Sobuun Qabiyyee kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa keessaa tokko ta'ee, waanta dhugaa akka waanta soba ta'eetti waanta soba ta'e ammo akka dhugaa ta'eetti fakkeessanii dubbachuudha. Oljirraa Galataafi Goobanaa Dabal (19/09/2007) namnni sobu ilaalcha

hawaasa keessatti yommuu ibsan: sobduun hawaasa keessatti qofa galeessa ta'a. Yoorakkate hin gargaaramu, yoo iyye birmannaa hin qabu, ollaan ibidda hin kenuuf waan ta'eef jireenya gamtaa keessaa haqama.Kanas, afoola naanichaan yemmuu ibsamu geerarsa sobdduu balaaleffatutti akka dhimma ba'aan shoora afoolli kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa kessatti qabu ibsamee jira.

Akkasumas, Goobanaa Dabalfi Kabaa Namarraa (19/09/2007) miidhaa sobnni geessisuu akka ibsanitti, Namnni bu'aa barbaadee ammeenyaan sodaate soba dubbachuu dandaa'aa. Garuu sababa kamiyyuu odeeffannoo doggoggora ta'e nama biraatiif kennuun immoo kan nama miidhuudha. Namichi sobe kunis nagaa keessa isaatii nii dhaba, hawaasa fudhatama hin qabu.

**4.2 Faayidaa Kakuu soirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa**

Jiruuf jireenya hawaasaa keessatti kakuun Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa seera Oromoon aanaa Kiiramuu ittiin wal geggeessaa tureefii jiru yemmuu ta'u, faayidaa hedduu hawaasaaf kennaa jira,Waakshum Abbeefi Oljirraa Kumsaa (07/09/2012) akka ibsanitti, "Kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa keessattii geeggeeffamu gamma waliin jireenya hawaasaan yemmuu ilaalamu, Uumanni yakkawan adda addaa of gidduu dhaa ballessuun, shakkii gidduu isaaniitii dhabamsiisanii akka waliin jiraatan taasise,'' jedhu. Kana malees nama dhoksaan wal miidhee yookaan qabeenya wal jalaa fudhate abbaan dhimmaa ragaa yoo dhabee shakkamaan kakuu sirna Gadaatiin dhugaa baha.

Akka Oljirraa Kumsaa (1910/2012) ibsetti, (Kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa badiiwwan adda addaa Uummata keessatti yemmuu baballatu, himataan yemmuu akkataa sirnichaatiin jaarsoliin Gadaa qorannoo adda addaa nii taasisu, sana booda namicha yaakka sana rawwateef gorsa sadarkaa isaa eegate nii kenna, akka badiin sun gara fula duraattii hin babala'anne nii gorsu, dhaloota aboruutti aakka hin dabarree nii to'atu, kana malees kaksiisuun namicha sana badii akkasiitti akka hin deebine godha," jedha.

Margaa Namarraa (09/09/2012) akka ibsetti, "kakuun dhugaa baasisuun haqa argamsiisuu, nagaafii tasgabbii buusanii Uumanii karaa qajeelaa ta'een jiruuf jireenya isaa akka geggeeffatu taasisee jira," jedha.

Yaadattuu Galataa(19/09/2012) akka ibsetti,"kakuudhaan haqa cabeefii dabe qulqulleesuu, komee xiqqeessa, dhugaa lafa qabsiisa, ilaafi ilaameen waliif dhaga'u, waliif abboomamu, fedhiif hawwii uummataa guutuuf barbaachisaadha," jedha.

Goobanaa Dabal (09/09/2012) akka ibsetti, "kakuun yakkaafi gochaalee seeraan alaa hawaasa jeeqan balleessuuf dhabamsiisuu keessatti gahee guddaa hawaasaaf ni kenna," jedha. Akkasumas, heera uummanni Oromoo yeroo heedduuf itti fayyadamaa ture waan ta'eef tokkummaa isaa ittiin eeggate, ittiin wal ijaaree, kan ittiin wal eegaa turedha.

Oljirraa Kumsaa (19/10/2012) akka ibsetti, "kakuun hawaasaa kan tokko taasisu dambii bulmaata uummata Oromooti. Dambiin kun uummata Oromoo keessatti erga dhufee booda namoota gumaa qaban walitti araarsa, kan hate amansiisuu, osoo Gadaa hin gahiin, Gadaa sin dhaqadha jedhanii wal sodaachisanii, amma kakaa sodaatamu hin jiru jedhu." Kunis murtoo seeraan alaa yakka uummata keessaa salphisaa jira. Dhugaa dubbachuuf, dhugaa hojjechuuf, hawaasa qajeelaa ta'e, kan waliif dhaga'ee waliif amanamuun waliin jireenya uumeera.

Margaa Shifarraa, (20/10/2013) akka ibsetti, (kakuun uummataaf tasgabbiifi nagaa buusee yakka cimaa of irraa ittisee akka jiraatu taasiseera." Haalli adeemsisaa ulfina kan qabuufi balaa qaqqabuu danda'u baayyee uummata Oromoo irraa hambiseera.

Goobanaa Dambal, Bayyanaa Galataa, Dassaatuu Gooshuu, Taaddasaa Guunshoo (akka ibsanitti, (kakuun sirna Gadaan kan hawaasni qabeenya, humnaafi yeroo isaa osoo hin qisaassessin naannoo jireenyaa isaatti baasii malee waraqaa fuula tokko qofaan qarshii baayyee kan isaan hin gaafanne yeroo adda addaa kan hin deddeebifne, kan hiikachaa turan gama diinagdee, jireenya hawaasummaafi gama siyaasaatiin faayidaa guddaa uummata Oromoof kennaa jira," Jedhu. Kana malees gama seera ammayyaa kan mootummaa waliin gama hundaan hariiroo addaa addaa kan qabuufi gama jajjabina sirna Gadaatiin Mootummaan xiyyeeffannoo itti kennee akka jiruufi ittiin bulmaanni uummata Oromoo kan dhaloota boriif darbaa jirudha.

### 4.3 Gahee Afoolli Raawwii Kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa Keessatti Qabu

Gaaffilee bu'uuraa keessaa tokko ta'ee, afoolli gosa adda addaa yoo qabaate illee, kan jaarsoliin sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa baayinaan hojii isaanii keessatti itti fayyadaman mammaaksadha. Mammaaksota isaan fayyadaman keessaa akka fakkeenyaatti ilaaluun kan danda'amu ta'ee, mammaksonni kunis ergaan isaanii namoota namoota wal himatan sana walitti fiduudhaaf kan tajaajilan ta'u.

Fakkeenyaaf, namoonni wal himatanii gara jaarsolii sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa yommuu dhiyaatan jaarsoliin walitti araarsuuf taa'an kun himataas ta'e himatamaan dhimma irratti wal himatan miidhama irra gahe jaarsatti yommuu himatan jaarsolii kana haalaan hubachiisuuf miidhamaas of fakkeessuudhaaf haafas, haalas akka hin tarreessineefi dhimma ijoo qofa ibsuun akka ta'u ni hubachiisu. Kanas gorsanii gudunfaa isaa mammaaksaan yommuu fixan:

**A. "kan tulluu asii iji argee, kan tulluu achii yaadni arge."**

Kana jechuunis kan arganiifi kan dhaga'an hunda himachuun akka hin barbaachifnedha. Shakkamaan dubbii dubbatamu keessatti haafas, baalas, akka hin dubbanne waan ijoo ta'e qofa irratti akka dubbatamuuf mammaakama. Kana malees, yoo amanuu didee kakate dhugaa baha. Akkasumas, himataa fi himatamaan yommuu wal shakkanii jaarsolii Gadaatti dhiyaatan shakkamaan kun yoo yaada isaa ifa gochuu dide mormuu barbaade jaarsoliin kun mammaaksa kanatti fayyadamanii qorannoo gegeessu.

**B. "Daandii dhokattuufii jaartii ofaattuu ollaatu beeka"**

Kana jechuun yommuu shakammaan yaada isaa dhokfachuu fedhu, yaada kee hin dhokfatin hojii ati hojjettu kan si beeku ollaakeedha waan ta'eef yakkichi bor iftaan ifa bahuu ni danda'a. jedhanii shakkamaa sana amansiisu. Yoo sobee kakate dhugaan bor ifatti mullachuu danda'a. Kana malees, namoonni baayyeen kan isaan wal himatan dhimma lafaa waan ta'eef namoonni tokko, tokko daangaa wal dhiibuun ni mul'ata.Kanaaf jaarsoliin kun namoota dhimma lafaarratti wal himatan kana qoratanii abbaa rakkoo kan daangaa darbe kana erga hubatanii booda isa isa yommuu gorsan mammaaksaan gorsa isaanii xumuru.

### C. “Lafti nama nyaatti jedhe Oromoon”

Ergaa mammaaksa kanaas jaarsolii kana yommuun gaafadhu deebii isaa: Akka Waakshumee Abbee (21/10/2013) jedhutti, ‘Lafti nama nyaatti jechuun kan itti awwaalaman, waan ta’eef kanaaf jedhanii immoo daangaa irratti wal loluun cubbuu guddaadha. Kanaafuu, egereen namichaa abaaramaa ta’a.” jedhu.

Akkasumas, ergaa mammaaksa kanaa yommuu qaaccessu himataa fi himatamaan kan isaan wal himatan lafarratti yoo ta’e, nama daangaa darbee sanaaf mammaaksa kana mammaaku. Innis lafti kan itti awwaalaman waan ta’eef kanaaf wal hin lolinaa jechuun araarsu.Kanaafuu, gochaa dhalli namaa raawwachuu danda’u tokko lafaaf kennuudhaan amala waantota lamaan ittiin madaaluuf dubbii qolaa nameessuutti fayyadamnee gochaa namni raawwatu, nyaachuu, dhuguu lafaaf kennamee jira. Kanaafuu mammaaksa kana keessatti dubbiin qolaallee faayidaa akka qabu hubachuun ni danda’ama. Garuu shakkamaan yoo amanuu dide seera kakuu Sirna Gadaatiin kakatee dhugaa baha.

Kana malees namoonni wal himatanii isaanitti dhiyaatan kana yommuu qoratan fira tahu. Fira ta’uu isaanii erga hubatanii booda baayyee gorsanii mammaaksaan yommuu xumuran,

### D. “ Firaafi ija huuba xiqqootu ga’a”

Ergaan mammaaksa kanaas yommuu gaafadhu, obbo Kabaa Namarraa (21/10/2013) akkas jedha. Himatamaan himataadhaan akka baayyee miidhaan irra hin ga’iniifi kana boodaa miidhaan guddaan osoo irra hin ga’in dhiyoottii araarsuudhaaf yommuu gorsanidha.

Ergaa mammaaksa kanaa yommuu qaacessu himataa fi himatamaan fira yommuu ta’an osoo hin kakatin dura akka waliif gaabban itti mammaakama. Akka isaan dafanii walitti araaraman, gorsa baayyee akka hin barbaachifne, firriifi firri dafee waliif gaabba, ija keenyas akkuma huubni xiqqoon buutee dhukkubsitu, firris dafee waliif nahee waliif gaabbee akka isaan araaramaniif mammaaksi kun gargaara. Kanaafuu, fira ta’uu isaanii yoo hubatan baayyee itti gaddu. Akka isaan waliif gaabbanis itti dheekkamu, ni gorsu, gorsa isaanis mammaaksaan yommuu xumuran,

**E. "Horuuf wal arraabee, baduuf wal nyaate," jedhe Oromoon**

Ergaan mammaaksa kanaa maatiin yoo wal himate hiyyummaaf akka saaxilamuufi yoo wal jaallate garuu jireenya gaariif akka ta'udha. Horuuf wal arraabuu-jireenya gaarii jiraachuu akka ta'e, baduuf wal nyaachuun- hiyyummaaf kan wal kennan, abaarsi hiyyummaa bakka bu'a.

Akkasumas, himataafi himatamaan kun dhimma icciitii waliin qaachuufi boodas kan wal badan ta'uu yommuu hubatanii itti mammaakanis:

**F. "Asaassitee walbartee iyyitee walbaaste, jedhe Oromoon"**

Ergaan mammaaksa kanaas, jaarsoliin yommuu ibsan himataafi himatamaan kun ragaa malee wal amananii wal jaallatanii dhimma qaamni biroo hin beekne kan waliin qabaniifi jaallatan icciitii duraan qaban dagachuun isaanii immoo namummaa isaanii kan tuffachiisu waan ta'eef akka isaan waliif gaabban gochuuf kana itti mammaakudha. Haa ta'u malee, shakkamtichi yoo amanuu dide kakatee dhugaa baha.

Gama birootiinis, qaamni wal himatan kun yeroo hunda jaarsi yoo ta'ee ifillee araaramuu dhiisuu danda'u. Sababni isaas dhimma wal himatan sana irratti wal amanuu yoo didan wal kaksiisuun ni jiraata. Garuu, jaarsoliin akka isaan araaraman barbaadu. Kanaaf kakuun hafee araarri akka bu'u erga gorsanii booda mammaaksaanis dubbii isaanii yommuu xumuran: "kan akaayamee fi kan abaarame hin margu, jedhe Oromoon" jedhan. Kana jechuun kakaan qabeenyafi jireenya namaarratti badii akka geessu hubachiisa.

Akkuma boqolloon akaayamee biqiluu hin dandeenye namni shakkamee sobaan abaarame yookaan kakatee jirenya isaa keessatti akkuma boqqolloo akaayame sanaa ni ammacama., ni jeeqama tasgabbii hin qabu. Mammaaksi olitti dhiyaate hiikame kun gosa dubbii qolaa keessaa bakkasaan madaalama. Amala boqqolloon qabu namaaf kennuudha.

Haa ta'u malee, namoota wal himatan kana akka isaan wal amananii dhiifama wal gaafatanii walitti araaraman gochuun yoo dadhaban immoo shakkamaa sana jaarsoliin sirna Gadaa akkaataa seera ittiin bulmaata isaaniin meeshaalee aadaa kakuu kan uumamaafi namtolcheetti fayyadamanii yakkamaan meeshaalee kana qabatee kakachuun dhimma sana raawwata.

Walumaagalatti, jaarsoliin namoota walitti araarsuuf taa'an kun akkuma namni ulee gogaa yommuu dhidhiibu moora dibee abiddatti karkarsee ulee gogaa ture sana akka quncee laaffisee boca barbaadetti dhidhiibee qajeelchu jaarsoliin kunis namoota wal himatan sana walitti araarsuudhaan araara buusuuf jecha mammaaksota dhaamsi isaanii dhimmicha waliin adeemu filatanii mammaakuudhaan jara garaa laaffisuufi walitti fiduun kan jiru ta'uu mammaaksonni adda addaa kun sirna Gadaa kana keessatti faayidaa guddaa akka qabu nu hubachiisa.

### 4.4 Meeshaalee Aadaa Kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaarratti Hojiirra Oolan

Meeshaaleen aadaa dhimma kanaaf tajaajilanfi hiika hawaasichaa wajjin akka armaan gadiitti ibsamanii jiru. Akka Bayyanaa Galataa (22/10/2013) ibsetti, "Meeshaalee aadaa kanneen uumatni ofiin uummatee waliin jireenya hawaasaa keessatti dhugaa dabeefi haqa cabe iddootti deebisuuf yommuu wal kaksiisan kan qabatanii kakatanidha." Seerri erga sarbamee booda namni seera sarbe akkaataa yakka isaatiin seera fuulduratti dhiyaata. Yommuu kana yeroo hunda ragaan argamuu dhiisuu mala. Yoo ragaan kan hin jirre ta'e, immoo, akkaataa aadaafi duudhaa uummatichaatti namni yakka raawwate sun meeshaa aadaa dhiyaatetti fayyadamuun haqa jiru akka baasu godhama. Meeshaaleen kunneenis akka aadaafi duudhaa hawaasichaatti hiika, kabajaafi sodaa cimaa qabu. Kanaafu, namni kamiyyuu sobee meeshaalee kunneenitti yoo fayyadame miidhaa jala hin oolu.

#### 4.4.1 Meeshaalee Aadaa Kakuu Kan Uumamaa

Akka Waakshumee Abbee ( 22/10/2013) Meeshaaleen aadaa kakuu kan uumamaa kun tartiiba raawwii kakuu keessatti nu fayyadan akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

##### 4.4.1.1 Lafee

Jaarsoliin sirna Gadaa shakkamaa kana yommuu lafee harkaan qabsiisanii kaksiisan:

> Akka lafee kanaa foon koo fixee qullaatti na haa ambisu
>
> Akka lafee kanaa na haa goggogsu
>
> Lafee koo lafa keessattti haa gubu jechuun kakatee dhugaa baasa.

Kakaan armaan olii kun kan mul'isu:- Lafeen duratti qaama beeyladaa keessaa tokko ta'eefi foon uuffatee kan ture, har'a garuu, foonichi dur ture irraa dhumee qullaa kan

ta'edha. Kanaafuu, namichi sobee kakates duraan qaamni isaa, manni isaa, dallaan isaafi kan kana fakkaatan guutuu kan ture akka lafee kanaa qullaa ta'a falaasama jedhutu jira.

#### 4.4.1.2 Dhagaa

Dhagaan meeshaalee aadaa kakuu kan uumamaa keessaaa tokko ta'ee umurii isaa guutuu

Hinguddatu,
Hin socho'u,
Kan wal hin horre,
Kan hin margine,
Kan barnoota hin qabne,
Kan itti dubbannaan hin dhageenye,
Kan hin dubbanne yookaan duudaa bakka bu'a.

Kanaafuu, namichi sobaan yoo kakate jijjiirama gaarii akka hin argineef jedhama.

#### 4.4.1.3 Qoraatti

Akka Goobanaa Dabal (22/10/2013) ibsetti, qoraattii irratti ilaalcha Oromoon qabu yoo ilaalle, namni sobee yoo kakates bakki inni taa'u, bakka inni ciisu walumaa gala qoree itti ta'a jedhama. Kanaafuu shakkamaan qoraattii qabatee yommuu kakatu:-

Qoraattiin waaqaa ana haa waraanu

Lafti qoraattii natti haa ta'u

Namni qoraattii natti haa ta'u

Jireenyi qoraattii natti haa ta'u jedhee kakata.

Kan qarri isaa amala nama miidhuu qabu

Kan waraanee nama keessaa hin banne bakka bu'a

Aamala nama miidhuu qaba yommuu jedhu dhala namaatiif waantonni miidhaa irraan gahan heedduutu jiru. Haa ta'u malee isaan keessaa qoraatttiin nama sobee kakate sana qaama isaa waraanee akka nama miidhutti ilaalama. Kakuun kun yommuu qaacceffamu:-

“ Qoraattiin waaqaa ana haa waraanu” yommuu jedhamu Eeboon waaqaa ana haa waraanu kan jedhu bakka bu’a.

“ Lafti qoraattii nattii haa ta’u” kana jechuun nmani shakkame sun yoo sobe kakatee Lafti inni irra jiraatu qoraattii itti haa ta’u jechuudhaa.” Namni qoraattii natti haa ta’u yaada kana yommuun qaacessu yoo sobee kakate jireenyi inni namaa wajjin jiraatu akkuma qoraattii ta’a. Waliif hin galan, har’as boris wal lolu, wal jeequ kan jedhu bakka bu’a.

#### 4.4.1.4 Muka Boqqolloo

Mukti boqqolloo kan ija boqqolloo irraa dhumee qolatti hafe jechuudha. Akka Waakshum Abbee (22/10/2013) jedhetti, Mukti boqqolloo akka meeshaa seeraatti kan fayyaduufi namicha yakka hojjete sana harkaan qabsiisanii yoo horii namaa fuudheera ta’e:

Akka muka boqqolloo kanaa goggogsee naa haa ambisu

Dhalakoof qabeenya koo jiru fixee akka kanaa qullaatti ana haa ambisu jechuudhaan kakata. Mukti boqqolloo kan firiin irraa dhumee qofaatti hafe waan ta’eef ilaalchi Oromoonni kanaan wal qabsiisanii qaban, qabeenyi isaanii irraa dhumee qofaatti hafuutti waan fudhataniif hiika kana qaba.

#### 4.4.1.5 Daaraa

Daaraan, mukaafi waantota adda addaa gubatanii gara waan adii akka daakuutti jijjiiramudha. Akka Oljirraa Galataa (22/10/2013) ibsetti, Daaraan kan akka meeshaa aadaa kakuu ta’ee, shakkama. Harkaan qabsiisanii akka muka gubatee daaraa ta’i jedhanii kaksiisu.

Jireenya koo gubee daaraa haa taasisu

Dhala koo daaraa haa godhu

Qabeenya koofi qe’ee koo daaraa haa taasisu

Daaraa godhee lafarraa na haa balleessuu

Qaamakootti daaraa haa uwwisu

Akka daaraa kanaa lubbuukoo qilleensa keessa haa firfirsu jechuun kaksiisanii dhugaa baasisu. Akkasumas, shakkamaan sun yoo sobee kakate amala daaraa sanaa ni gonfata. Daaraan ni afuufama, akkuma daaraa sanaa afuufamee kan badudha. Daaraan adii waan ta'eef adiin abdii kutachuudha. Kanaafuu, yoo daaraa qabatee kakate jireenyi namichaa, haalli namichaa, lubbuun namichaa akkuma daaraa kanaa qilleensa keessa firfirsamee akka badutti fudhatama. Kana malees, kauu kana keessaa kan toora dhumaarratti argamu deebii qolaa akkee mul'isuudha.

#### 4.4.1.6 Dikee Loonii

Meeshaalee aadaa kakuu kan uumamaa keessaa dikeen loonii tokko, ta'ee, akkuma kanneen biroo kakuufi kan ooludha. Akka Taadasaa Gunshoo fi Baqqalaa akkasaa ( 22/10//2013) jedhanitti, namichi shakkame yoo araara dide dikee loonii qabatee akka araara buusuuf yommuu kaksiisan afoola armaan gadiitti fayyadamuun ta'a. Innis namichi shakkame sun dikee harkaan qabsiisuudhaan akkas jedhee kakata.

Horiin dikee hagu qe'ee koo hin dhaabbatin

Horiin dallaa kootii haa faca'u

Hormaata koo haa gabaabsu

Kan dhalate naaf hin guddatin

Kan guddate hin dubbatin

Horiifi namaan anaa haa balleessu jechuun kaksiisanii dhugaa baasisu.

Yaada armaan olii kana yommuu qaacessu dikeen dikeen loonii hormaata loonii wajjin waan wal qabatuuf horiin qe'ee namichaa hin jiru taanaan dikeenis, qabeenyis, akka qe'ee isaa hin jirre nu hubachiisa.

### 4.4.2 Meeshaalee Aadaa Kakuu Nam-Tolchee

#### 4.4.2.1 Barcuma Dambiifi Arbuu

Akka Waakshum Abbee (23/10/2013) ibsetti, "yeroo kakaa raawwachiisan jaarsoliin Gadaa barcuma isaan irra ta'an:- Muka Dambiirraa kan tolfame ta'ee, Sirni Gadaa ittiin bulmaata (dambii Oromoo) jalqabaa kaasee hanga ammaatti ittiin wal bulchudha," jedha.

Muka Arbuurraa barcumni hojjetame immoo, Arbuun muka bishaan jalaa maddu, dhalli isaa kan nyaatamu, yommuu dubartiin deessu, yeroo namni bineensota gurguddoo ajjeesu arbuu jala taa'u, muka bona hin gogne waan ta'eef Sirni Gadaas uummata Oromoof akkuma muka Arbuu kanaa bonaafi ganna lalisee ittiin bulmaata ta'uu isaa ni ibsa.

**4.4.2.2 Barcuma Eebichaa**

Barcuma namichi irra taa'ee kakatu immoo muka eebichaa irraa kan tolfamedha. Kunis hiika mataa isaa danda'e qaba. Mukni eebicha jedhamu kun immoo mukoota keessaa hidda, jirmaafi baala isaa kamiyyuu yoo arrabaan tuqan hadhaawadha. Namichi irra taa'ee kakates jireenyi isaa gogaafi hadhawaa akka ta'u amanama. Akkasumas, namichi barcuma eebichaarra taa'ee kakate yommuu xumuru luka isaa bitaatiin dhiitee ka'a. yommuu dhiitee ka'u yoon horii namichaa fuudheera ta'e, bita naa haa galchu, akka eebicha kanaa firatti, ollaatti, maatiitti na haa hadheessu jedhee ka'ee sokka. Falaasamni gochaa kana keessatti argamu eebichi mukoota keessaa hadhaawaa akka ta'eefi badii wajjin kan wal qabatudha.

**4.4.2.3 Eeboo**

Eeboon meeshaalee kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa keessatti tajaajila irra oolu keessaa tokko ta'ee, meeshaa waraanaa, sibiila irraa kan hojjetameefi meeshaa seeraa dhugaa baasisuuf yommuu kakuu itti dhimma bahuun kakachiisudha. Shakkamaan eeboo sana fudhatee qara isaa laphee isaatti qabatee, yoon badii kana raawwadheera ta'e:-

Eeboon qara sagalii ana haa waraanu
Eeboon waaqaa ana haa waraanu
Eeboon qara shanii ana haa waraanu
Arfiin isaa qoma koo waraanee karaa dugda koon haa ba'u
Qe'ee koo fi dhala koo eeboof haa godhu
Jireenyi koo eeboo natti haa ta'u
Qaama koo keessa eeboo haa dhaabu jechuudhaan kakata.

Kana yommuu qaacessu:-

Sirna Gadaa keessatti eeboon qara sagalii ijoollee salgan booranaa bakka bu'a. Sirna Gadaa keesstti eeboon qara shanii gogeessa garaa shanii bakka bu'a. Kanaafuu, namni tokko shakkamee yommuu jaarsolii Gadaatti dhiyaatee kakatu kun hiika adda addaa ni

qabaata. Fakkeenyaaf, Eeboon waaqaa ana haa waraanu:- Bakakkaan waaqarraa bu'ee na haa rukutu. Horiif dhalli isaa waraanaaf haa ta'an. Jireenyi namichaa akka eeboo qara qabaatee iyyummaan irra haa turu kan jedhutti hiikamu danda'a.

**4.4.2.4 Hankaaksee**

Hankaakseen meeshaalee aadaa kakuu Sirna Gadaa keessaa tokkodha. Akka Yaadattuu Galataa (23/10/2013) jettetti, Hankaakseen meeshaa sibiilarraa tolfmu ta'ee, yeroo namni tokko qabeenya namaa fudhate jedhamee shakkamu jaarsoliin Gdaa namichaan hankaaksee qabadhu qara isaa laphee keetti akeekkadhu jedhanii namichi shakkame akkas jedhee kakata.

Hankaakseen waaqayyoo ana haa waraanu

Jireenyikoo hankaaksee anatti haa ta'u

Lubbuu koo hankaakseef haa godhu, jedhee kakata

Kakaa hankaakseen ibsame kana yommuu qaacessu hankaakseen waaqayyoo na haa waraanu jechuun shakkamaan sun yoo yakka sana raawwate bakakkaan waaqayyoo narra bu'ee na haa rukutu yookaan haa waraanu kan jedhamuun bakka bu'a

4.4.2.5 Mutaa

Mutaan meeshaalee aadaa kakuu nam tolcheedha.Akka Kabaa Namarraafi Waakshum Abbee (23/10/2013) ibsanitti, nama shakkame sana mutaa harkaan qabsiisanii akkas jedhanii kaksiisu:-

Mutaa cinaacha isaatti qabatee

Yoon qabeenya kana fuudheeraa ta'e

Mutaan waaqayyoo ana haa waraanu

Jireenyikoo mutaa natti ta'ee ana haa quuqu

Akka mutaa kanaa ana haa qallisu

Mutaan qaama koo keessaa hin ba'in

Ibiddi waaqaa mutaa natti haa ta’u jechuun kaksiisanii dhugaa baasisu. Ergaan kakuu kanaa shakkamaan kun yoo horii namaa fuudheera ta’e, jireenyi isaa qaamni isaa akka mutaa kanaa qal’atee haa dhumu jechuusaati. Jireenyi isaa akka hin dheerannetti ilaalama.

**4.4.2.6 Rasaasa**

Rasaasni meeshaalee aadaa kakuu namtolchee yommuu ta’u, akka Margaa Shifarraa (23/10/2013) jedhetti, shakkamaan rasaasa qabatee arrabaan tuqee akkas jedhe kakata. Yoon horii nama kanaa fuudheera ta’e:

Rasaasni waaqayyoo na haa rukutu

Rasaasa kanaaf na haa godhu

Rasaasni kun mirgaan na dhahee bitaan na haa kuffisu

Osoon karaa deemuu rasaasa kanaaf ana haa godhu jechuudhaan kakatee dhugaa baha.

Rasaasni bifaan xiqqoo kan taate, yommuu nama rukuttu kan nama hin maarre, mirgaan lixxee bitaan baatee qaama guddaa kamiyyuu kan miidhuu danda’u, bakka addaa addaa fi yeroo addaa addaatti keessatti kan nama hin tuffannee fi filanne ta’ee, meeshaa aadaa kakuu sirna Gadaa keessatti sodaachisaafi bakka olaanaa kan qabudha.

**4.4.2.7 Luugama**

Luugamni meeshaalee kakuu aadaa namtolchee keessaa tokko ta’ee, akka Oljirraa Galataa (23/10/2013) ibsetti, namni shakkame kun luugama qabatee afaan isaatiin tuqee akkas jedhee kakata:-

Kun luugama, horii abaluu fuudheeraa yoo ta’e

Afaankoo luugamee haa qabu

Arrabakoo luugamee haa qabu

Akka sibiila kanaa afaan koo kana na haa dilalleessu, jedhee kakatee dhugaa baha.

Luugamni sibiila afaan gaangee yookaan fardaa keessa galee luugamee akka olii fi gadi hin sochoone sirriitti akkuma qabu, namni shakkame sun qabeenya sana fudhateera yoo ta'e, afaan namichaa akka hin dubbanne, arrabni isaa akka hidhamu, akka dilaallaa'uu faalaasama jedhu qaba.

#### 4.4.2.8 Sibbattii

Sibbttiin meeshaalee aadaa kakuu namtolchee keessaa tokko ta'ee sibiila cimaa lafa qotiuuf gargaarudha. Akka Taadasaa Gunshoo (23/10/2013) ibsetti, namicha horii namaa fuudhe, jedhamee shakkame sana maarashaa harka qabsiisanii yoon badii ta'e kana raawwadheera ta'e:

Maarashaan waaqaa ana haa waraanu

Akka maarashaa kanaa ana haa dilalleessu

Jechuun kaksiisanii akka sibiila kanaa ana haa siibileessu jechuun kakata.

Yaada kana yommuu qaacessu, maarashaan sibiila dilalla'aa yommuu ta'u, namni badii sanaaf shakkame akkuma maarashaa jireenyaa fi lubbuun namichaa dilallaa'ee haa badu kan jedhamuun bakka bu'a.

#### 4.4.2.9 Qabduu Sibiilaa

Qabduun meeshaalee aadaa namtolchee keessaa tokko ta'ee ibiddas ta'e diimataa qabuu hin sodaatu. Ilkaan wal dabarsee waan qabuuf yoo abbaa qabe gaddhiise malee hin gaddhiisu.sibiila dilalla'aadhas. Namni sobee kakates:

Kakuun kun akka qabduu kanaa na haa qabu

Qabee na hin gaddhiisin

Na haa dilalleesssu jechuudhaan kakata.

Yaada kana yommuu qaacessu, qabduun sibiila sibiila ilkaan isaa wal darbee waan tokko qabu ta'ee, namni shakkame sun qabatee kakuu ta'ee, yoo sobee kakate ta'e afaan namichaa akka hin dubbanneefqabduu sibiilaa sanaan akka qabamutti amanama.

Fakkeenyaaf, qabduun kun “qabee ana hin gadhiisin” kakaa kana keessatti mallleen dubbii nameessuu ta’ee, gochaa dhalli namaa raawwatu qabduu sibiilaatiif gonfachiisuu isaa ni hubanna.

### 4.4.2.10 Lilmoofi Alangaa Citaa

Lilmoofi alangaa meeshaalee aadaa kakuu namtolchee keessaa tokko ta’ee, Akka Margaa Nagawoo (23/10/2013) jedhetti, nama shakkamee jaarsolii Gadaatiin qoratamee amanuu dide sana harkaan qabsiisuun akka dhugaa baasu ni taasifama. Namichi meeshaa seeraa kana qabatee yoon badii kana raawwadheera ta’e:

Akka lilmoo kana ana haa qallisu

Akka alangaa kanaa anaa kutu jechuun kakata.kakuu armaan olii kana yommuu qaacessu, lilmoon sibiila qalloo waan taateef, namichi yoo sobeera ta’e, qaamni isaa akkuma lilmoo sanaa akka qal’atee dhumu ni amanama.Alangaan immoo goggaarraa waan hojjetamuuf qaccee(sanyii) ofiirraa akka citanii qophaa jiraatanitti amanama. Akkasumas, dubbii qolaa akkeetti fayyadamnee amala waantota lama waliin madaalchisuu ni dandeenya. Isaanis lilmoo fi qallina shakkamaa sanaa, alangaa citaafi qaccee shakkamaa sana ta’a.

Walumaagalatti, boqonnaan kun kan irratti xiyyeeffate qabiyyeewwan kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa:ajjechaa, hatuu, sobuu faayidaa kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabba jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu, afoola adda addaa kakuu Fooqaa Darrabbaa keessatti honjiirra oolan kan uumamaa:-Lfee, Dhagaa, qoraattii, Muka boqqolloo, Daaraa. Kan namtolchee:- Eeboo, hankaaksee, Mutaa,, Rasaasa, Luugama, Dikee loonii, Maarashaafi qabduu sibiilaa kan jedhaman tokko, tokkoon isaanii armaan olitti ibsamaniiru.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGGANNOOFI YABOO

## 5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun qabiyyee kakuu Sirna Gadaa fooqaa Darrabbaa xiinxaluu kan jedhu ta'ee, adeemsa raawwii sirna kanaa barreeffamatti jijjiiree dhaloota dhufuuf dabarsuufidha. Akkasumas, kaayyoo gooroofi gooree qabaachuun gaaffilee bu'uuraa qabxii afur kan deebisu qabatee jira.

Kanamalees, qorannoon kun gosa qorannoo isaatiin kan geggeeffamedha. Sababni isaas, Kakuun Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa haala jiruuf jireenya hawaasaa gama siyaasaan, amantiifi diinagdeen waan ibsuufidha. Itti fufuun, qorannichi kan geggeeffame madda odeeffannoo lamaan. Maddi jalqabaa, namoota akka iddattootti fayyadan waa'ee qabiyyee kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa sirriitti beekaniifi maddi lammaffaa immoo barruulee addaa addaa kitaabileefi qorannoowwan mata duree kana tumsan sakatta'uun argaman.

Kanamalees, mala iddatteessuu mit-carraatiin qorannoon kun geggeeffame. Sababni isaas, namoonni odeeffannoo waa'ee kakuu sirna kanaa naaf kennan carraatiin osoo hin taane itti kaayyeffachuun jaarsolii dhimma sanaarratti hubannoo qabaniif ragaa qulqulla'aa ta'e kan kennan dhiirota 13 fi dubartoota 2 walitti namoota 15 irraa mala akkayyoofi darbaa dabarsootiin odeeffannoo funaanamee mala akkamtaatatiin qaaceffame.

Dabalataanis, meeshaalee an ittiin odeeffannoo funaannadhes daawwannaa, af-gaaffii,fi marii garee xiyyeeffannoo taasisuunidha. Kunis, meeshaalee kunneenis akkaataa gaaffilee bu'uuraa deebisuu danda'anidha. Af-gaaffiin dhiyaatee haala kana ta'een ta'ee, namoonni deebisuu yaada isaanii ibsuuf eyyamamoo kan ta'anidha. Malli qaacessa ragaalee immoo odeeffannoo iddattoorraa kan ittiin argame ta'ee, sagalee waraabameefi suuraalee ka'aan gara barreeffamaatti jijjiiruun tartiiba raawwii isaa eegunidha.

Haaluma walfakkaatuun, raawwiin kakuu sana keessatti afoola Oromoo keessaa mammaaksaafi geerarsa bakkaafi akkaataa ergaa dabarsuu danda'anitti fayyadameen jira. Meeshaaleen aadaa kakuu kan uumamaafi nam-tolchee sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa sana keessatti fayyadan tarreeffamuun ergaan isaanii qaacceffamee jira. Akkasumas, qorataan yemmuu

qorannoo sana geggeessu sakkoowwan qorannoo kanneen akka icciitii uummataa eeguu, afaan, aadaa, amantii hawaasichaa kabajuun meeshaalee ragaan ittiin funaanaman haala qabachuun haala naamusa qabuun odu himtootaaf galataa fi kabaja kennuun ragaan funaaname qaacca'ee jira.

Walumaagalatti ragaaleen sassaabaman xiinxala taasifamanii maaltu akka bira gahameme, gaaffilee bu'uuraa qorannichaa irratti hundaa'uun arggannoowwan galmeessee jira. Araggannoowwan kunis adeemsi raawwii kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrbbaa hawaasa abba dhimmaaf bu'aa buusudha. Namoota kallattii adda addaatiin wal dhaban sirna Gadaatiin kaksiisuun dhugaa akka bahaniif qabeenya, yeroofi humni isaanii qusachuun baasirraa akka b iliisa ba'an taasiseera.

**5.2 Arggannoo**

Ragaalee sassaabaman irraa ka'uun xiinxala taasifameen maaltu akka bira ga'ame, gaaffilee bu'uuraa qorannichaa irratti hundaa'uun arggannoowwan bira gahaman akka armaan gadiitti ka'amanii jiru.

- Kakuun Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa gama waliin jireenya hawaasaatiin yommuu ilaalamu tokkummaa hawaasaa ni eega. Hawasni wallif dhaga'ee akka waliin jiraatu ni taasisa.
- Kanamalees, hawaasni utuu naannoosaa irraa fagoo hin deemin shakkii gidduu isaatti uumame kakuun qulqulleessun, qabeenyaafi humna akkasumas, yeroo isaanii qusatanii akka waliin jiraatan gochuu isaa bira ga'een jira.
- Qabiyyeewwan kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa kan jedhaman sobuu, ajjechaafi hatuu abboommiiwwan Oromoon cabsuu hin qabne akka ta'an bira ga'een jira.
- Itti dabalees, afoola garaagaraa kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa keessatti hojiirrra oolanfi gahee afoolli qabu barsiisuu, gorsuu, araarsuufi amaniisuf akka hojiirra oolan hubatameera. Walumaagalatti meeshaaleen aadaa kakuu Sirna Gadaarratti hojiirra oolanis, hiikaafi ergaa uummata biratti qabaniin akka sodaataman hubadheen jira.

## 5.3 Yaboo

X.iinxala qabiyyee kakuu sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa irratti qorannnoon geggeeffame yaada furmaataaa ta’a jedhamee barreeffame hanga ammaatti hin jiru. Kanaafuu kanaafuu, qorannoo kanaan adda ba’ee akka yaada furmaataatti kan taa’e:-

- Adeemsa keessatti raawwii kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa kan hin barreefamin jiruufi sammuu maanguddootaatti daddarbaa waan as ga’eef Waajjirri Aadaa fi Turizimii qaama dhimmi isaa ialaalu waliin ta’uudhaan barreessanii kaa’uudhaan dhaloota dhufuuf dabarsuun ba’eessa ta’a.
- Heeraa fi seera Oromoon aanaa kiiramuu tumatee ittiin walgeggeessaa tureefi jiru kana dhaloota dhufuuf dabarsuuf jecha dhaabbilee mootummaafi mit-mootummaa keessatti hirmaachisuun beektonni mootummaa ga’ee isaanii osoo ba’anii gaaridha.
- Heeraafi seera ammayyaa kan mootummaa waliin kakuun Sirna Gadaa kun bifa danda’ameen hojii irratti akka qabaataniif manni murtii kun mootummaafi geggeessitoonni Sirna Gadaa bakka adda addaatti argaman walitti dhufanii osoo hojjetanii gaarii ta’a.
- Dabalataanis, kenniinsi tajaajila isaa kun amantii, ilaalcha, aadaafi dhimma kamiyyuu irratti dhiibbaa addaa kan hin qabne waan ta’eef sabni Sabni Oromoo kamiyyuu adda osoo hin baasin kan tajaajilu waan ta’eef namni hundi kana beekee osoo garaa isaa dhufee itti tajaajilamee baasii xiqqoofi yeroo gabaabaa keessatti murtii barbaadan argachuu kan danda’an waan ta’eef Sirna Gadaa kana biratti dhiyaatanii wal himachuun kan waajjira biro caalaatti tajaajila saffisaafi kan komii hin qabne argachuun kan jiru waan ta’eef uummatichi kana beekiee osoo itti tajaajilamee gaarii ta’a.

**Wabiilee**

Addunyaa Barkeessaa (2011). Akkamtaa: Yaad-rimeeQorannoo Hujoo. Oromiyaa: Finffinnee

Alamaayyoo Hahilee (2007). Sirna Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa. Jildii 1. Finfinnee: Mana Maxxansaa Biraaninnaa Salaam.

Asaffaa Abbabaa (1994). Minilikiifi Oromiyaa: Finfinnee.

Asaffaa Tafarraa (2009). Eelaa: Seenaa Ogummaa Oromoo.Oromiyaa: Finfinnee.

Asmarom Leggesee (1973). Gadaa. USA: New York.

Asmarom, L. (2000), Oromo Dimocracy: An Indigenous African poloticial system, Asmara: The Read sea press.Nation.

Ayalew Keno (2005), The Oromo: An ancient people Great Africa Nation. USA:Michigan.

Bascom, W (1965). Four functions of folklore, In the study of Folklore, Alan Dudes, pp.279. Englewood cliffs, NJ:Prentice Hall.

Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa (2007). Sirna Gadaa. Jildii I. Finfinnee. Mana Maxxansa Biraaninnaa selam.

Dawson, C (2002). Principal research methods: London. Crom well press.

Dirribii Damusee(2009). Ilaalcha Oromoo Finfinnee:D.G. Printing and publishing Enter prise.

Dirribii Damusee ( 2012). Ilaalcha Oromoo: Barroo Amantaa Sirna Bulchiinsaafi Seenaa Oromoo. Mana Maxxansaa Finfinnee: Finfinnee.

Finnegan, R. (2012). Oral literature in Africa Cambriadge. Cambridge Universty press.

Gemeda Eshete (2007). Oral Litreature as a field of Scholarship, Folklore Genres in Socio cultural and Polotical Environment. Addis Ababa. St. George Printing Press.

Giday Degefu (2000). Traditional mechanism of conflict resolution in Ethiopia. Addis Ababa: St. George printing Press.

Jabeessaa Ejjetaa (1995). Ye Oromo Bahilinnaa Accir Taarik, Adenyaa Metsaaf.

Jeylan, W.Hussein (2005). The function of African Oral Arts. The Arsi Oromo Oral Arts in Focus, Alemaya Universty. Un published thesis.

Kothair, C. R (1990). Research Methodolgy: Methods and Teachniques (2nd). New Delhi: New Age International publisher.

Nagaso Gidada (2001). History of the sayyo Oromo of south western wollegga. Ethiopian from about 1730 to 1886 Addis Ababa: Merga printing Enterprise.

Neuman, L.W . (2007). Basic of social research. Qualitative and Quantitative Approaches (2nd). Bost peason Educational Inc.

Pickering, M. (2008). Research Methods for cultural studies. Edinb burgh Unversty press.

Sarantakos. S.(1997). An Introductory Text on social Research (2nd)

Sims, C. and M Stephens. (2005). Living Folklore: An Introduction to the study of people and their tradition. USA. Utah state Universty press.

Tarakeng Gemechu (2002). Hundeeffama Aana Kiiramuu; Kan hin maxxanfamne.

Temesgen Burka (2008). Qaalluu. Simith and metal traditional conflict resolution of north est wollegga, Ethiopia. Ethiopia jornal of the social sciences and humanities Vol. V1 Nos Warqinaa Abbaa Soorii (2008). Sirna Gadaa Oromiyaa: Finfinnee.

Zarihun Doda (2005). Introdution to socio-cultural Antrhopology. Ethiopia: Debub Universty.

**Dabalee A:Abbootii raga nuuf kennan**

Abbootii/Jaarsoliifi Hayyoota Rgaa Nuuf Kennan

1, Baqqalaa Akkasaa

2, Bayyanaa Galataa

3, Dassaatuu Goshuu

4, Eddoosaa Akkasaa

5, Goobanaa Dabal

6, Guyyaasaa Dibaabaa

7, Kabaa Namarraa

8, Margaa Shifarraa

9, Margaa Nagawoo

10, Oljirraa Galataa

11, Oljirraa Kumsaa

12, Qana’aa Doorsis

11, Taaddasaa Gunshoo

12, Yaadattuu Galataa

13, Waaqshumee Abbee

**Dabalee B: Daawwannaa**

Yuuniversitii Wallaggaa Inistiyuuti Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa Mummee Qo'annoo Afaaniifi Oguma Oromoo

Gaaffilee mirkaneeffannaa xiinxala Qabiyyee kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa ilaalchisuun gaafatamtootaaf qopha'an.

Haaldureewwan qophii adeemsa raawwii kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa irratti maal akka fakkaatu daawwachuu.

Raawwii kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaarratti meeshaalee aadaa tajaajila irra oolan maal fa'a akka ta'an daawwachuu.

Jalqaba, walakkaafi xumura kakuurratti gochaawwan raawwataman daawwachuu.

Yoomessi kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa maal akka ta'e daawwachuu

**Dabalee C: Af-gaaffii**

Yuuniversitii Wallaggaa Mummee Qo'annoo Afaaniifi Oguma Oromo

Af-gaaffii Xiinxala Qabiyyee kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa ilalchisuun gaafatamtootaaf qophaa'e. Kabajamtoota gaafatamtootaa, af-gaaffii xiinxala qabiyyee kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa irratti gaaffilee gaafatamu deebisuuf fedhii qabaachuu keessaniif dursee isin galateeffadha.

Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan kakuun Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaarratti qorannoo geggeessuuf seeraafi heera Oromoo Aanaa Kiiramuu ittiin wal-geggeessaa tureefi ammas ittii wal-geggeessaa jiru gara barreeffamaatti jijjiiree dhaloota dhufuuf dabarsuu waan ta'eef gaaffilee kan akka naaf deebiftan kabajaan isin gaafadha.

Kakuun Sirna Fooqaa Darrbaa jiruuf jireenya hawaasaa keessatti akkamittiin ilaalama?

Kakuun Sirna Fooqaa Darrabbaa hawaasa keessatti mal fayyada?

Kakuun Sirna Fooqaa Darrabbaa badiiwwan akkamii to'achuuf hojiirra oola?

Haalli raawwii Kakuu Sirna Fooqaa Darrabbaa maal fakkaata?

Raawwii kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa irratti meeshaaleen aadaa maal maaltu hojiirra oola?

**Dabalee D: Marii Garee**

Yuuniversitii Wallaggaa Inistitiyuutii Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa Mummee Afaaniifi Oguma Oromoo

Gaaffilee mirkaneeffannaa marii garee xiinxala Qabiyyee Kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaa irratti gaafatamtootaaf qophaa'e. Kabajamtoota gaafatamtoota gaaffilee mirkaneeffannaa xiinxala Qabiyyee Kakuu Sirna Gadaa Fooqaa Darrabbaarratti gaaffilee gaafamu deebisuuf tole jechuu keessaniif durseen isin galateeffadha.

Kakuun yakkaafi gochaalee seeraan alaa hawaasa keessatti hir'isuu irratti gahee akkami qaba?

Kakuun gama waliin jireenya hawaasumaan faayidaa akkamii qaba?

Hawaasa naannoof kakuu gama qabeenya, humnaafi yeroo qabaachuufi k. k. f irratti gahee inni qabu maal fa'i?

Kakuun seera ammayyaa kan mootummaa waliin hariiroo akkamii qaba?

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaa fi mallattoo koo armaan gaditti eerame Kun waraqaan qorannoo Kun hojii koo ta'uu isaa ibsa,hojiin Kun kanaan dura yunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne ta'uu isaa yaadawwan qorannaa kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uukoo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa qorataan:-________________________________

Mallattoo____________________________________

Guyyaa_____________________________

Maqaa Gorsaan:-__________________________

Mallattoo____________________________

Guyyaa__________________________________